



"Ashaaraan magariisaa qabsoo Itoophiyaan badhaadhinaaf taasiftuuf gahee olaanaa qaba"

- Ministira Muummee Abiyi Ahmad (PhD)

Riippoortata Gaazexichaatiin

Finfinnee: Sagantaan ashaaraa magariisaa qabsoo Itoophiyaan misoomaafi badhaadhina gonfachuuf taasistu keessatti ga'ee olaanaa qaba jedhan Ministirri Muummee Abiyi Ahmad.

Ministirri Muummeen yaa'ii 28ffaa Jijjiirama Qilleensaa Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii ('COP28') irratti haasaa taasisiin hojiin ashaaraa magariisaa Itoophiyaa, Itoophiyaa bira darbee biyyoota addunyaatiif jijjiirama qilleensaa ittisuu keessatti gahee olaanaa akka qabu ibsaniiru.

Doktar Abiyi Ahmad sagantaan ashaaraa magariisaa pirojektii misooma bosonaa addunyaarratti isa guddaa ta'uu ibsaniiru. Sagantichi eegumsaafi misooma naannawaa dagaagsuu qofa osoo hintaane namoota hedduuf carraa hojii kan uume ta'uu eeraniiru.

Itoophiyaan biqiltoota adda addaa biyyoota ollaatiifis raabsuun sagantaa ashaaraa magariisaa cimsuushees dubbatanii, sagantichi hojiilee walta'iinsa misoomaa biroo Afrikaatti argaman cimsuufis galtee akka ta'u

Gara fuula 15tti



ethio telecom **thn telebirr** **HAARAA**

Kuufama Miidiyaa Hawaasaa

Baataa dabalataa! Gammachuu dabalataa!

Telegrammi • WhatsApp • Facebook • YouTube • TikTok

Kaffaltii Qofaaf Miti ...

Bankii Awaash AwashBank

Awash E-School Management System



Obbo Eliyaas Ummataa

Guyyaan sabootaa hojiilee ummata fayyadan hojjechuun kabajama

- **Sirni federaalizimii sabdaneessaa tokkummaa biyyaalessaa dagaagsa**

Saamraawwit Girmaafi Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Guyyaan Saboota, Sablamootaafi Ummattoota Itoophiyaa marsaa 18ffaan Sadaasa 29 bara 2016 akka biyyaalessaatti Naannoo Somaaleetti kabajamuuf qophiin taasifamaa kan jiru yoo ta'u, akka Oromiyaattis Sadaasa 26, Magaalaa Maayaatti akka kabajamu Caffeen Oromiyaa ibse.

Afya'ii Ittaanaan Caffee Oromiyaa Obbo Eliyaas Ummataa kabaja ayyaanichaa ilaalchisuun ibsa dheengadda miidiyaaf

Gara fuula 15tti

"Itoophiyaan kallattii Affaariin fageenya gabaabaarratti ulaa galaanaa qopheeffachuu dandeessi"

- Ambaasaaddar Shifarraa Jaarsoo

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Itoophiyaan kallattii Affaariin fageenya gabaabaarratti Galaana Diimaan walitti ba'uun ulaa galaanaa mataashee qabaachuu akka dandeessu Ambaasaaddar Shifarraa Jaarsoo beeksisan.

Ambaasaaddar Shifarraan Kibxata darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf akka ibsanitti, Itoophiyaan biyya guddoo dinagdeenshee saffisaan guddachaa jiru waan taateef ulaa galaanaa garagaraa akka filannootti qabaachuutu irraa eegama. Itoophiyaan kallattii Affaariin fageenya kiilomeetira 45 hincaalle keessatti Galaanaa Diimaan walitti

ba'uun ulaa galaanaa mataashee tolfachuu dandeessi.

Akka isaan jedhanitti, yeroo baay'ee qaamotni tokko tokko Itoophiyaan akka qaama Galaana Diimaa hin taanetti ibsu. Ta'us Galaanni Diimaan lafa keessa yaa'ee Affaar bakka Afdeeraa jedhamutti omisha ashaboof oolaa jiraachuu qorannooleen garaagaraa kanaan dura taasifaman mirkaneessaniiru. Affaar bakki Daalol jedhamu sirriirri galaanaasaa Galaana Diimaan walqixa waan ta'eef Itoophiyaan yoo bakka kana qotuun Galaana Diimaan walitti baaste salphaadhummatti

Gara fuula 15tti



Bu'aalee qonnaa alaa galan hambisuu qofa osoo hintaane alatti erguun danda'ameera

Waaqshuum Fiqaaduu

Finfinnee: Babal'achuun misooma paarkiiwwan industirii bu'aalee qonnaa alaa galan hambisuu qofa osoo hintaane sona dabaluu alatti erguuf karra saaquun ibsame.

Kamisa darbe daawwanan Giddugala Ce'umsaa Baadiyyaa Maqiifi Paarkiin

Gara fuula 15tti



ODUU



Obbo Taaggasaa Caafoo

Fooyyessi Labsii DhPI sagalee guutuudhaan ragga'e

Wayinisheet Kaasaatiin

Finfinnee: Fooyyessi Labsii Dhaabbata Pireesii Itoophiyaa (hojiiwwan riifoormii cimsuufi waliingahiinsa hojiilee qabiyyee bal'isuu dandeessisu sagalee guutuudhaan ragga'e.

Manni Maree Bakka Bu'oota Ummataa bara hojii waggaa 3ffaa, walgahiisaa idilee 7ffaa dheengadda gaggeesseen labsii fooyya'iinsa hundeeffama DhPI sagalee guutuudhaan raggaasiseera.

Afyaaiin mana marichaa Obbo Taaggasaa Caafoo akka jedhanitti, miidiyaawwan ummataa kan bulchu mana mareeti. Kanaaf sadarkaawwan miidiyaan irra gahe hubachaa miidiyaa dorgomaa taasisuu barbaachisa.

Gama kanaan DhPIin otoo ergamasaa ijoo gadi hingadhiisiin filatamaa akka ta'uuf labsichi ragga'uun barbaachisaadha jedhaniiru.

Yaada murtoo fooyyessa labsichaa kan dhiyeessan Walittiqaabaan Koree Dhaabbii Dhimmoota Dimokraasii Obbo Iwunatuu Allanaa gamasaaniin, dhaabbatiichi hojiilee riifoormiifi qabiyyee hojjechaa jiruun biyya keessaafi alaatti waliin gahuuf ragga'uun labsichaa dirqama jedhaniiru.

Si'ana miidiyaa tokko qofaa qabataniin deemuun rakkisaadha kan jedhan Obbo Iwunatuun, daangaan miidiyaa badeera, kanaaf dhaabbatiichi muuxannoosaa damee maxxansaatiin horate otoo gadihindhiisin filannoo miidiyaa biraatiin akka dhufu eeyyamuun dhugaa barichi barbaaduudha jedhaniiru.

DhPIin gama hojiilee ummataafi biyyaaf dhiyeessaa jiruun filannoo miidiyaa maltiirratti yoo bobba'eefi kanaafimmoo sirni hojimaata faayinaansii gufuu ittita'e yoo fooyya'eef gumaachi biyyattiif buusu olaanaa ta'a jedhan.

Dhumarrattis gaaffiilee miscensotarraa ka'aniif Afyaaiin mana marichaa Obbo Taaggasaa Caafoo Obbo Iwunatuun ibsa dabalataa erga kennanii booda labsichi sagalee guutuudhaan ragga'eera.

"Itoophiyaan daandii guddinaarra saffisaan imalaa jirti"

- Doktor Abiyyi Ahmad

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Itoophiyaan imaammata dinagdee beekumsaafi qabeenya biyya keessaarratti hundaa'e bocuun erga hojii eegaltee as jijjiirama dinagdee addunyaan ragaa ba'u galmecsisaa jirti.

Haala walxaxaafi qaala'iinsa jireenyaa qormaata hamaa ta'e keessatti biyyattiin guddina dinagdee saffisa galmecsisaa jiraachuushee baankii addunyaafi dhaabbileen maallaqaa addunyaa ragaaleen ba'aa akka jiran Ministirri Muummee Abiyyi Ahimad (PhD) yaa'ii Idilee 4ffaa Mana Maree Bakka Bu'oota Ummataarratti ibsuunisaanii ni yaadatama.

Doktor Abiyyi jilasaanii waliin Yaa'ii Misooma Industirii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Ostiiriyaa, Veenaatti Wiixata darbe adeemsifamerratti keessummaa kabajaa ta'anii argamuun haasaa taasisaniin yaada kana irra deebiin dubbataniiru.

Haasaasaaniin, Itoophiyaan potenshaala keessoo, carraafi rakkoolee jiran qixa sirriin hubachuun imaammata dinagdee keessoo hojiirra oolchuun jijjiirama hundagaleessa galmeessaa jiraachuu eeranii; keessattuu dameewwan qonnaa, industirii, teknoloojii, turizimiifi albuudaarratti jijjiiramni olaanaan argamuu yaadachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, xiyyeeffannaa damee qonnaatiif kennameen lafti qonnaa hektaara miliyoona 15.3 ture gara hektaara miliyoona 22.9tti guddateera. Omishaaleen sharafa alaa argamsiisuuf irratti kaayyeffataman kanneen akka qamadii, bunaa, avokaadoofi baalli shaayii bu'aa guddaa argamsiisaa jiru.

Fayyadama teknoloojiif xiyyeeffannaa kennameen waraqa eenyummaa dijitaallessuun,



kaffaltii karaa elektironiksii raawwachuufi dandeettii yaadachuu namtolchee/intelegensii artifiishaalaa hojiitti hiikuun danda'ameera jedhanii; dagaagina industiriif paarkiiwwan idustirii guguddoo 12 ijaarun gariin gara omishaatti galchuus hubachiisaniiru.

Dinagdee magariisaa faalamarraa bilisa ta'e uumuuf sagantaa ashaaraa magariisaa bocuun hanga ammaatti biqiltuuwwan biliyoona 32 ol dhaabuu himanii; madda anniisaa elektirikaa humna bishaanii, hurka lafa jalaafi bubbeetti fayyadamuun anniisaan elektirikii biyyattii dhibbantaan 98 faalamarraa bilisa akka ta'es ibsaniiru.

Daarektarii olaanaan Misooma Industirii Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii Geerdi Muler gamasaaniin, Itoophiyaan bulchiinsa Doktor Abiyyi Ahmadiin jijjiirama dinagdee abdachiisaa keessa jiraachuu himanii; damee qonnaaf xiyyeeffannaa kennameen biyyattiin omisha qamadiin of danda'uu bira dabartee gabaa addunyaafuu dhiyeessuu danda'uushee dinqisiifatiiru. Madda anniisaa elektirikii faalama qilleensaarraa bilisa ta'e biyyattiin

fayyadamaa jirtuufis galateeffataniiru.

Ministirri Muummee Doktor Abiyyi Ahmad yaa'icha cinaatti mootii Ostiiriyaa, Kaarlui Nehamer waliin haala itti walittidhufeenya biyyootalameenii cimsaniifi abbootiin qabeenya biyyattii qabeenyasaanii Itoophiyaatti investii godhanirratti mari'achuusaanii kan ibsan ammoo Ministira Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa Laggasaa Tulluu (PhD)ti.

Haaluma kanaan abbootiin qabeenya Awustiriyaa gara Itoophiyaa dhufuun damee qonnaa, albuudaafi ijaarsa bu'uuraalee misoomaa, keessattuu ijaarsa daandii baaburaarratti bobba'uuf fedhii qabaachuu Doktor Laggasaan ibsaniiru.

Haaluma walfakkaatuun Doktor Abiyyi jilasaanii waliin imala gara Rippabilikii Cheekitti taasisuun Ministira Muummee biyyattii Piitar Fiyaalaa waliin dameewwan fayyaa, raayyaa ittisa, aadaafi turizimii akkasumas qonnarratti haala waliin hojjetamuun danda'amurratti marii bal'aa taasisuu Ministir De'eetaan Tajaajila Kominikeeshinii Mootummaa Aade Salaamaawit Kaasaa ibsaniiru.

"Qaamni nageenya dide dirqamee araarratti akka deebi'uuf tarkaanfiin fudhatamaa jira"

- Obbo Hayiluu Addunyaa

Waaqshuum Fiqaaduutiin

Finfinnee: Shaneen marii marsaa 2ffaa fashaleessuun daandii badiisaa waan filateef dirqamee gara nagaatti akka deebi'uuf mootummaan tarkaanfii qindaa'aa irratti fudhataa jiraachuun ibsame.

Ittigaafatamaan Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo Hayiluu Addunyaa ibsa Roobii darbe Dhaabbata Pireesii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, mootummaan fedhii nageenya buusuuf qaburraa kan ka'e kanaan dura karaa duudhaa Oromoo eegeen Abbootii Gadaa, haadholii Siinqeefi Jaarsolii biyyaan murnichi gara nageenyaatti akka deebi'uuf yaalii taasisaa tureera.

Ammas qaama sadaffaa murnichi barbaade guutuunis marii marsaa 2ffaa Taanzaaniyaatti taasisa. Ta'us haalduree sadarkaa har'a biyyattiin irra jirtu hinmadaalle dhiyeessuun fashalaa'uu marichaatiif ka'umsa ta'eera.

Ammaan tanas mootummaan naannichaafi federaalaa murnicharratti tarkaanfii waloo fudhataa jiraachuu himanii; ta'us



murnichi marii taasifamu keessatti injifannoo hinbarbaachifne gonfachuuf jecha lammiilee nagaarratti tarkaanfii laalessaa fudhataa jiraachuu ibsaniiru.

Murnichi torban darbe Wallagga Bahaafi Wallagga Lixaatti akkasumas Buunoo Baddalleetti osoo haleellaa raawwachuuf qophaa'aa jiruu tarkaanfii mootummaan fudhateen gariin du'aan adabamuu, gariin ammoo madoo ta'ee bittinnaa'uu eeraniiru. Tarkaanficha ijaa ba'uuf Arsii, Shirkaatti lammiilee nagaarratti miidhaa dhaqqabsiisuu dubbataniiru.

Gama birootiin dargaggootni dogoggoraan murnichatti makaman kumaatamaan lakkaa'aman gara nagaatti deebi'uun tarkaafii sirrii ittifufuu qabu ta'uu himanii; marii Taanzaaniyaatti taasifamerrattis kutannoo mootummaan nageenyaaf qabu hawaasni idiladdunyaa hubachuu eeraniiru.

Miidhaa lammiilee nagaarra ga'aa jiru ilaalchisee Obbo Hayiluun akka jedhanitti, Shaneen kaleessa akka xaa'oon qonnaan bulaa bira hingenye dhorkaa tureera. Har'a ammoo omisha akka hinsassaabanne danqaa jira. Qaamotni nageenya lammiilee nagaa miidhuun haa hafuutii lammiileen nagaa haleellaa murna shororkaa kana jalaa baraaruuufuu aarsaa guddaa kaffalaa jiraachuus hubachiisaniiru.

Murnichi qabeenya lammiilee dirqisiisee saamaa waan jiruuf ummatni of eeggannoo barbaachisu taasisuu qaba jedhanii; hawaasni bakka murnichi jiru qaama nageenyaaf odeeffannoo kennuun tumsa barbaachisu akka taasisu gaafataniiru.

Murnichi fedhii gara nagaatti deebi'uu qabaannaan karri karaa nagaa banaa ta'us Obbo Hayiluun ibsaniiru.

Ijoo Dubbii

Dippilomaasii milkaa'aan nageenya biyya keessaatiin utubamuu qaba

Itoophiyaan waraanaa kaabaa waggoota lamaaf adeemsifame hordofee keessumaa hariiroon biyyoota lixa wajjin qabdu daran laafee, dhiibbaanis hammaatee ture.

Qormaanni hidha Abbayyaatiin walqabatee ka'aa tures daran olaanaa ture. Ta'us gama waraana kaabaatiin waliigaltee bardheengaddaa Piritooriyaatti uumameen hariiroon dippilomaasii biyyoota kanneen wajjin jiru gara baramaafi idileetti sirumayyuu gara daran milkaa'aatti deebi'eera, ce'eera.

Haala rakkisaafi qormaata biyyoota kanneen wajjin ture deebisuufi gara sadarkaa olaanaatti ceessisuuf gama hariiroo dippilomaasiitiin hojilee danuun hojjetamaa turaniiru; hojjetamaas jiru. Keessumaa hojiin Ministirri Muummee Abiyi Ahmad (PhD) gama kanaan raawwataniifi raawwataa jiran daran olaanaafi iddoo olaanaa kan qabuudha.

Jilli isaaniin durfame gara biyyoota adda addaatti imaluufi waltajjilee idiladdunyaarratti hirmaatee ejjennoofi fedhii Itoophiyaa ibsuudhaan hojii bu'aaqabeessa hojjetee. Kunis hariiroon dippilomaasii akka cimuu gochuu keessatti shoora olaanaa gumaacheera.

Hoggantoonni biyyoota adda addaafi dhaabbilee idiladdunyaas gara Itoophiyaa dhufuudhaan hariiroon laafee ture akka iddootti deebi'u taasifameera. Kanaafis taateedhuma yeroo dhiyoo yoo ilaalle biyyoota akka Chaayinaa, Sa'ud Arabiyaa, Jarman, Ostiriyaa, Cheekiifi Gamta Emireetota Araboota wajjin hariiroo garlameefi garsadee cimaan uumameera. Hoggantoonni biyyootaafi dhaabbilee idiladdunyaas guguddoon akkasuma dhufanii dhimmoota adda addaarratti Itoophiyaa wajjin hojjechuuf waliigalteerra ga'aniiru.

Kanaafis xiyyeeffannoo ijoo hariiroo sababa waraanaa kabaatiin laafee ture deebisanii cimsuu, waliigalteewwan haaraa seenuu, dippilomaasiwwan dinagdeefi lammummaarratti xiyyeeffatan, waliigalteewwan daldalaa, idaa haquufi kkfn haala milkaa'ina olaanaadhaan raawwatameera; raawwatamaas jira.

Keessumaa jijjiiramaa as dhimma dippilomaasii lammummaatiif xiyyeeffannaa olaanaa kennamee hojjetameera, hojjetamaas jira. Hojiin akka idaan haqamuuf hojjetames dhimma daran olaanaafi milkaa'inni olaanaan irratti galmaa'eedha.

Keessumaa idaa sababa waraanaa, koviid-19fi ongee fa'iin kuufame yeroon kaffaltiisaa akka dheeratuuf Chaayinaafaa wajjin waliigalteerra ga'amuun agarsiistuu bu'aa cimaa gama dippilomaasiitiin irra ga'ameeti.

Hariiroofi deggarsa Dhaabbata Maallaqaa Addunyaa, Baankii Addunyaafi Baankii Misooma Afrikaa wajjin tures daran laafee ture. Hoggantoonni dhaabbilee kanneeniis Itoophiyaa daaw'achuun haalatti guddina dinagdee Itoophiyaa utubuu danda'anirratti qondaalota olaanaa Itoophiyaa wajjin mar'ataniiru. Rakkoon uumamee tures furamee bakka duritti akka deebi'uuf tattaaffii cimaan taasifameera.

Torbanuma kana keessallee Yuniidoon ('United Nations Industrial Development Organization-UNIDO') investimantiifi misooma industirii utubuuf waadaa galuunsaa bu'aa dippilomaasii akka milkaa'ina guddaatti ilaalamuudha.

Walumaagalatti waliigaltee Piriitoriyaatii as tattaaffii cimaa taasifameen haalli dippilomaasiifi hariiroo alaa daran jijjiirameera. Haalonna abdi kutachiisoon sadarkaa sadarkaadhaan toora gaariirra bu'aniiru. Wantonni cufamaniin turanis banamaa jiru.

Akeekni ijoo hariiroo dippilomaasii cimsuu kun wantonni gama investimantii fa'iin barbaadaman bal'inaan dhufanii guddina dinagdee biyya keenyaatiif raacitii akka ta'aniifi lammiiileef carraan hojii akka banamu gochuufi.

Kanaaf ammoo haalli nageenya biyya keessa amansiisaa ta'uu qaba. Tattaaffii cimaafi dhamaatiin dippilomaasiiratti taasifameefi taasifamaa jiru ija godhatee akka maniiwwan ijoo milkaa'aniif, abbootiin qabeenya alaa dhufanii qabeenyasaanii invasti godhaniif hunda dura nageenya waraa mirkaneessuun daran murteessaadha. Milkaa'inni gama hariiroo dippilomaasiitiin argameefi argamaa jiru nageenya biyya keessaa mirkaneessuudhaan dabalamuufi utubamuu qaba jechuudha.

Abbaan qabeenya kamuu qabeenyasaa dhangalaasuuf akka ulaagaa ijoo duraatti kan kaasu waa'ee nageenya waan ta'eef dhimma kanarratti tokko tokkoon lammii darbees mootummaan mirkaneessa nageenya kanarratti xiyyeeffannoo olaanaadhaan hojjechuu qabu.

Kana malees bu'aa hariiroo dippilomaasiirraa argamu lakkaa'ani fudhachuuf, haala keessummeessa abbootii qabeenya ammayyaafi si'aayaa gochuu, imaammata dinagdee hojjechiisu bocuu, akkuma irrannatti jenne haala nageenya amansiisaa gochuudhaan milkaa'ina olaanaa gama hariiroo dippilomaasiitiin galmaa'aa jiru utubuun daran barbaachisaadha.

Yaada



Itoophiyaan humna morkataa naannawashii kaa'uu qabdi

Charinnat Hundeessaatiin

Kabaja biyyaaleessaa

Kaayyoon ida'amu inni tokkoofi ijoo sabboonummaa biyyaaleessaa lammiiileefi biyya keenyaa mirkaneessuudha. Yeroo kabaja lammiiilee jennu duudhaa lammiiileen keenya ofisaaniis ta'e warra kaan biratti gatii argachuufi kabajamuuti.

Kabajni qajeelfama faayidaa waloofo sodaa eegsisuuti. Duudhaa namoonni yeroo hunda karaa gara maniitti ittiin dhiyaatan otoo hintaane ofiidhumasaaniifiif akka isaanumti manii ta'uu ittiin amananiidha.

Kabajni namoota uumama namoomaa hunda, biyyaafi gareedhaan akkasumas sadarkaa nama dhuunfaati ilaalamuu danda'a. Kaayyoo waniifi duudhaaleen biyya keenyaa kan kabaja lammiiilee mirkaneessan ta'uu qabu. Biyya keenyatti mankaraaru sabummaarraa kan ka'e waanti dadhabaa dhufe tokko sabboonummaa biyyaaleessaati.

Sabummaan sadarkaa sabaattis haa ta'uu sadarkaa biyyaatti amala warreen kaan wajjin waldorgomuu yoo qabaatu, sabboonummaan biyyaaleessaa garuu amala jaalala biyyaa qabaachuun kan of ijaaruu fi ofirraa ittisuurratti xiyyeeffateedha.

Waggoota darbanitti amalli gootummaa lammiiile biyya keenyaa gadibu'aa dhufeera. Lammiiileen biyyasaanii dhiisanii godaanan, gareewwan gurmaa'anii biyyumasaanii saaman, ta'anii kanneen gadibu'iinsa biyyasaanii daaw'atan, beektonni kun hinga'u jedhaniif gadibu'iinsa kana hammeessuuf odeessaa oolan, gootummaafi sabboonummaan biyyaaleessaa laafuusaatiif agarsiistuudha.

Kanaafuu, akka biyyi keenya soorumaafi dimokraasiitti ceetu yoo barbaadame jaalala lammiiileen biyyasaaniif qaban dabaluuudhaan guddinaafi eenyummaa biyyasaaniiratti gootota mariif hindhiyaanne gochuu barbaachisa.

Qunnantiin alaafi dippilomaasiin kabaja, eegumsaafi nageenya lammiiilee keenya ala jiraataniif kan dhimmuufi falmu ta'uu qaba. Hojiileen dippilomaasii keenyaa kabaja Itoophiyaanotaafi dhalattoota Itoophiyaa eegsisuu ilaalchisee qaawwa bal'aa kan qaban ta'uun nihubatama.

Kabaja biyyaaleessaa keenya eegsisuun qajeelfama hojii dippilomaasii keenyaa ta'uutu irra jiraata. Hojiilee dippilomaasii dinagdeefi nageenya keenya biroos haa ta'uu mirga lammiiilee keenyaa kabachiisuu ilaalchisee hojiin hojjennu kabaja biyyaaleessaa keenya kan eegsisu ta'uu qaba.

Karaa biraatiin, hammamillee isa qofa yoo ta'uu baates, kabajni biyyaaleessaa kan fedhii otoo hinta'iin qabiyyee humna biyyummaati. Ibsituwwan ijoo humna biyyaa ammoo humna ittisaafi dinagdeeti.

Taphni humna dandeettii ittisa biyyaa hirkoo ijoo kan ta'uu waraanni filannoowwan dippilomaasiifi siyaasaa duguugamanii yeroo dhuman sadarkaa dippilomaasii isa dhuma ta'uusaa hubachuudhaani.

Kanaafuu, waraanni firii fedhii qaama tokkoo qofa ta'uu dhiisuusaatiin haala kamiinu yoo eegalame garuu humna walitti dhufeenyaa alaa waraana yeroo gabaabaa keessattiifi baasii xiqqaadhaan injifachuudhaan xumuruu giddugeessa godhatee ijaaruu barbaachisa. Kunis kallattii dhimma alaa, nageenyaafi ittisa walitti hidhu hordofuu jechuudha.

Humni walta'e kunis uumameera jedhamuu kan danda'u naannolee waraanaa afraniitti (lafa, bishaan, qilleensaafi saayibariiratti) fedhiifi faayidaa biyyaaleessaa biyya keenyaa eegsisuu yoo dandeenyedha.

Kanaafuu, manii guddaafi kallattii xiyyeeffannaa tasgabbiifi nageenya biyya keenyaa ta'uu kan qabu humna naannolee waraanaa afranuu bu'aaqabeessa ittiin taasisuu uumuurratti ta'uu qaba. Dhimmi

humna bishaanirratti qabnu kabachiisuu wajjin walqabatu inni tokko dhimma nageenya biyyaaleessaa sabboonummaa dinagdee biyyi keenya galaana diimaarratti qabduudha.

Galaanni diimaan daangaa Itoophiyaarraa fageenya gabaabaa (kiiloo meetira 60) irratti kan argamuudha. Sochiwwan galiifi ba'ii daldala Itoophiyaa akka waliigalaatti kan hundaa'an galaana diimaa kanarratti.

Itoophiyaa Afrikaa keessatti biyya dhaabbilee doonii guguddoo qabdu waan ta'eef, shaqaxoonni ba'aniifi galan hedduusaanii galaanarra imalanii kan seenaniifi ba'an karaa galaana diimaa darbanii. Kanaafuu, eenyummaan hundagaleessaa Itoophiyaa galaana diimaarra kan dhaabateedha. Dinagdeen biyya keenyaa kallattiinis ta'uu alkallattiin nageenya galaana diimaa wajjin kan walqabateedha.

Sodaan fuuldura keenya jiru, haalli duraan tureefi qorqalbiin naannawa kanaa otoo sochii keenya hindaangessiin, akkasumas otoo faayidaa keenya hinmiidhiin deemuun kan dandeenyuu yoo nageenyiif tasgabbiin galaana diimaafi naannawa sana jiraate qofa. Sodaawwan loltummaa, dinagdee, siyaasaafi dippilomaasii naannawa kanatti uumaman yaaddoowwan nageenya biyyaaleessaa biyya keenyaati.

Biyyoonni buufata waraanaa naannawa sanatti ijaaratan gidduusaanii yoo waliigaltee dhabuun uumame eenyummaan warreen akka biyyaatti dhaabanne rakkoo keessa seenna. Yeroo dinagdeen Itoophiyaa guddachaa deemutti itifufinsasaa eegsisuuf nageenya keessoo qofa otoo hintaane kan naannawaallee nu barbaachisa. Itoophiyaan nagaa ta'uu naannawashiitti baay'istee barbaaddi.

Kanaafuu, Itoophiyaan shooraafi aangoo galaana diimaarratti qabdu guddisuu qabdi. Yaaddoo guddina dinagdeefi nageenya naannawa sana jiru hir'isuutu ishiirraa eegama. Galaanni diimaan dirree walittibu'iinsa biyyoota guddatanii ta'aa dhufuusaatiin Itoophiyaanis gama kanaan ittifayyadama galaana diimaa ilaalchisee haalli sadarkaa idiladdunyaatti fudhatamummaa qabu akka uumamu gochuutu irra jiraata.

Itoophiyaan dippilomaasiifi fudhatamummaa nageenya hiikuu sadarkaa idiladdunyaatti, ardiifi naannawashii keessatti qabdu guddifachuutu irraa eegama. Daddarbiinis daldalaa galaanarraa nagaa ta'ee akka jiraatu carraaquu qabdi.

Furmaata kallattii danuu barbaaduun, kallattiin hunda hirmaachisuufi iftoomina qabu akka dhufu gochuu qabdi. Walitti bu'iinonni jiranis to'annoodhaa ala bahanii karaa darbiinsaa akka ishii hindhowwanne gochuudhaan shoora geggeessummaa taphachuu qabdi.

Haala siyaasaafi dinagdee addunya gegeeddaramaa ta'e kana keessatti haalota hiriiraafi caaseffama naannawa galaana diimaatti taasifamuu danda'an ittidiyeenyaan hordofuu barbaachisa.

Dhimmi naannawa kanatti uumamu kamuu Itoophiyaaf murteessaa waan ta'eef biyyoota guguddoo nannawa sanatti bu'uura buusan wajjin walitidhufeenyaa uumuufi hojii farra waanbadummaa biyyoota kaan wajjin ta'uudhaan haalota to'achuu barbaachisa.

Carraaqiin biyyi keenya taasistu meeshaaleen shaqaxaa seenaniifi ba'an haala yaaddoo nageenyaarraa bilisa ta'een karaa galaana diimaa wabii ittiin dabarsitu argachuu qaama idiladdunya keessatti hammatamee akka ta'uu dhiibbaa gochuu qabdi.

Yoo sochiin daldala alaa biyyattii jiraachuu baate nageenya biyyaaleessaa mirkaneessuun waan hindanda'amneef filannoon ijoo tokko Itoophiyaan humna galaanaa duraan qabdu deebistee ijaaruuudhaan naannawa kana humna morkataa ta'e kaa'uu qabdi.

Maddi: Kitaaba IDA'AMUU, fuula 348-352



Bariisaan

Guraandhala bara 1969 hundaa'e.

Torbanitti al tokko, guyyaa Jimaataa,

Dhaabbata Piresii Itoophiyaatiin maxxanfamaa ture. Waxabajjii

1,2011 irraa eegalee Sanbata maxxanfamaa jira.

Hoji Gaggeessaa Olaanaa Dhaabbata

Piresii Itoophiyaa

Lakk. bilbilaa - 011-126-42-22

Email :- epa@press.et

Gulaalaan

Charinnat Hundeessaa

Lak.Bilbilaa 011-126-42-08

chhundessa@yahoo.com

email-cherenethundessa@press.et

Teessoon:Kutaa Magaalaa Nifas Silki Laaftoo

Qopheessitootni:

Saamraawit Girmaa

Natsaannat Taaddasaa

Bayyanaa Ibraahim

Waasihuun Takilee

Adeemsisaa Hojii

Bil. 011-126-42-22

Kutaa Beeksisaa:

Bil. 011-156-98-73

Raabsa Gaazexaa

Bil.011-157-02-70

Faaksii Kutaa Qophii

251-011-1-5698-62

L.S.P 30089

email-bariisaa@press.et



Ethiopian Press Agency

ODUU

“Gaaffii Oromoo karaa guutuun marii biyyaalessaarrtti dhiyeessuuf of qopheessuun barbaachisaadha”

- Abbootii Gadaa

Taammiruu Raggaasaatiin

Finfinnee: Gaaffii Oromoo karaa guutuufi bilchina qabuun marii biyyaalessaarratti dhiyeessuuf waloomuufi of qopheessuun barbaachisaa ta'uu Abbootiin Gadaa beeksisan.

Walittiqaabaan Gamtaa Abbootii Gadaafi Abbaan Gadaa Maccaa Warqinaa Tarreessaafi Abbaan Gadaa Tuulamaa duraanii Naggasaa Nagawoo ibsa Kamisa darbe Dhaabbata Pireessii Itoophiyaaf kennaniin akka jedhanitti, qaamotni Oromoo bakka bu'uun marii biyyaalessaarratti hirmaatan gaaffii Oromoo karaa guutuudhaan dhiyeessuuf dursanii waliigaluun barbaachisaadha.

Keessattuu hayyootni siyaasa Oromoo dursa waliigaluun murteessaadha kan jedhan Abbaa Gadaa Warqinaa; ajandaa Oromoon saba guddaa madaaluufi biyyattii keessatti nageenya waraa fidu qabatanii ba'uun walta'uu gaafata. Kanaafuu, maricharratti dhiyaachuu dura rakkoo keessoo furachuun dhugaafi ajandaa Oromoo karaa guutuun qabatanii dhiyaachuuun barbaachisaa ta'uu himaniiru.



Abbaa Gadaa Warqinaa Tarreessaa

Marii taasifamuuf jedhurratti gaaffiif fedhii sabichaa karaa bilchina qabuufi biyya ijaaruun namoota sabicha bakka bu'uu danda'an filachuun, akka saba bal'aatti Oromoon saboota biyyattii faana mari'atee waliigaluun rakkoo tokkummaafi nageenya furuuf murnootni siyaasaa xiyyeeffannaadhaan hojjechuu qabu jedhan.

Oromoon waan mariitti amanuufi mariif bakka



Abbaa Gadaa Naggasaa Nagawoo

guddaa qaba kan jedhan abbaan Gadaa kun; wanti mariin ala ta'uu rakkoo biyyaa mitii kan maatiyyuu akka hinfurre hubachiisaniiru.

Oromoon walldhabdee mudate 'taateefi galtee' jechuun bakka lamatti qoodee ilaaluun jaarsummaan fura jedhanii; yakka taatee jechuun yakka ittiyaadamee dalagame yommuu ta'uu, yakka galtee jechuun ammoo yakka akka tasaa dalagamu ta'uus ibsaniiru. Namni

dhukkubsate mana yaalaa deeme akkuma furmaata argatu biyyi walldhabdeedhaan rakkinatti galtes mariidhaan furmaata argatti jedhaniiru.

Mariin furtuu rakkoo dinagdee, hawaasummaafi siyaasati kan jedhan Abbaa Gadaa Warqinaa, qaamni marii biyyaalessaa keessatti hirmaatu kamuu miira walhimachuu keessaa bahuun miira jaalalaatiin yaada ijaarsaa dhiyeessee maricha milkeessuun akka irraa cegamu dubbataniiru.

Gamtaan Abbootii Gadaa maricha akka carraa guddaatti ilaala jedhanii, gamtichi maricharratti yaada mo'ataa dhiyeessuun hirmaannaasaa akka cimsu ibsaniiru.

Abbaan Gadaa Tuulamaa duraanii Abbaan Gadaa Naggasaa Nagawoo gamasaaniitiin, waliigaluufi waliin jiraachuuf mari'achuun furmaata waraa ta'uu hubachiisaniiru.

Akka isaan jedhanitti, milkaa'ina marichaatiif qaamotni hirmaatan hundi fedhii ummataa yaada keessa galchuun waan akka biyyaatti sabaafi sablamootni waloon qabanirratti baay'inaan xiyyeeffachuun barbaachisaadha.


Qabeenyi turiizimii kibba lixa Oromiyaa sababa rakkoo bu'uraalee misoomaatiin dhokachaa jira

Bayyanaa Ibraahimiin

Mattuu: Bosona dukkana'aa, mana baadiyyaa ogeessi cimaan akka aduufi rooba hingalchinetti kaabee ijaare fakkaatu, samii hurriifi duumeessi irraa hindhabamneefi aduun baay'inaan irratti hinargamne, iddoo boqonnaa haara galfii qalbiifi onnee, Iluu Abbaa Booraa biyya Caalii Shonee.

Bosoni gabbataan kun bineensota bosonaa akka biyyaatti sababa ciramu bosonaatiin gara biyyoota ollaatti baqachuudhaaf dirqaman kanneen akka qeerransaatiif abdi ta'ee, akaakuuwwan shimbirroofi allaattiwwan hedduuf mana jireenyaa nageenyisaa egame ta'ee jara qubachiisee sooratas nyaachise.

Finca'a Dagwajii Godina Buunoo Baddallee Aanaa Gachiitti argamu daawwachuun torbee Turiizimii Oromiyaa baranaa kana tokko jedhee kan eegale jilli ayyaanicha kabajuudhaaf gara lixa Oromiyaatti bobba'ee, godinoota Oromiyaa keessaa Ambaasaaddara Nageenyaa jedhamuun kan moggaafame godinichi qabeenya uumamaa hedduu hawwata turiizimii ta'an qabaachuun cinatti nageenyisaa kan mirkanaa'ee waan ta'eef turistootaafis carraa gaarii kan uumuudha.



Finca'aan Soor wayita daawwatamutti

Itti fufuunis godina Iluu Abbaabooritti siidaa abbaa hogbarruu Oromoo Abbaa Gammachiis/ Onisimos Nasiib daawwachuudhaan gara fuula duraatti kan imale jilli kun, hayyuu kun godina kanatti Aanaa Hurrumu jedhamutti kan dhalatan akka ta'eefi awwaalchisaaniis achitti raawwatamuutu himama. Yaadannoo hayyuu kanaatiif tanaan dura siidaan isaanii aanaa sanatti kan dhaabbate ta'us, ijaarsi gamoo aadaafi seenaa akkasumas manneen kitaabaa hirmaannaa ummataatiifi mootummaan jalqabamee ture hanga ammaatti osoo hinxumuramiin hafuu garuu hawaasni ni

komata.

Yeroo ammaa kana Yunivarsiitiin Mattuu ijaarsa kana abbummaadhaan hojjachiisee xumursiisuudhaan yaadannoo hayyuu kanaa olkaa'uuf kutannoo agarsiisuun akka oduu gaariitti fudhatama.

Daawwannaa kanaan bosona yabbuu sadarkaa Yuneskootti galmaa'erra hanga Finca'aan Soor kan Abbaayitti aanee akka biyyaatti sadarkaa lammataatti argamu kan daawwataman yemmuu ta'uu, qabeenya turiizimii lixa Oromiyaatti argamu irraa fayyadamuun hafee hojiin adda baasuutu

reefu kan eegalaa jiru ta'uu Hoggantuun Biuroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa (BATO) Aadde Jamiilaa Simbiruu ni ibsu.

Yeroo ammaa kana garuu dameewwan murteessoo mootummaan xiyyeeffannoo addaa kenneef keessaa inni tokko damee turiizimii waan ta'eef gama kanaan immoo humna lixni Oromiyaa qabu beeksisuudhaaf torbeen turiizimii Oromiyaa kun Magaalaa Mattuutti akka kajamu taasifamuus dubbataniiru.

Kitaabni Qajeeltoo Turistii Sarara Kibba Lixaafi Lixa Oromiyaa saganticharratti kan eebbifame yemmuu ta'uu, kunis iddoowwan qabeenyi turiizimii kunneen itti argamaniifi haala waliigala irratti hubannoo gahaa kan kennu ta'uunis ibsameera.

Naannawaan qabeenya uumamaatiin badhaadheefi hawwata turiizimii gabbataa ta'ee qabu kun garuu gama bu'uraalee misoomaatiin boodatti hafa waan ta'eef xiyyeeffanaa argachuu akka qabu hirmaattotni sagantichaa yaadachiisaniiru.

Torbeen turiizimii Oromiyaa kun yeroo 19ffaaf mata duree "Turiizimiifi investimantii Magariisa" jedhuun kabajame.

Hanqina kondomii mudate furuuf kondomiin miliyoona 55 bitame

Gammachuu Kadiriin

Finfinnee: Hanqina kondomii wayita ammaa mudatee jiru furuuf bittaa Kondomii miliyoona 55 gaggeeffamuu Minsteeri Fayyaa ibse. Waggaatti kondomiin miliyoona 200 ol sadarkaa biyyaatti akka barbaachisu ibsameera.

Ministeerichatti Raawwachiisaan Daarektara Ittisaafi To'annoo Dhibee 'HIV'/edsii Obbo Fiqaaduu Yaadataa ibsa dheengadda Dhaabbata Pireessii Itoophiyaaf kennaniin akka ibsanitti, ittisa dhibee 'HIV'/edsiiif hanqina kondomii mudate furuuf bittaa kondomii miliyoona 55 raawwateera.

Tatamsa'inni dhibee kanaa sadarkaa biyyaatti %1 gad ta'us magaalotarratti tatamsa'inni

guddaan jiraachuu ibsanii, Gaambeellaatti %4, Finfinneetti %3.5, Dirree Dhawaatti %3, Harariitti %3, baadiyyaatti %1 gad ta'uu akka fakkeenyaatti kaasaniiru.

Akka ibsaaniiti, mootummaan waggootan 30-40 darbanitti yaalii cimaa taasifameen tatamsa'ina dhibee 'HIV'/edsii akka gadbu'u taasifameera. Saffisa tatamsa'inaa bu'uura godhachuun hojiiwwan hubannoo uumuu, ittisuu, hordoffii, yaalaafi kunuunsa taasisuurratti tarsiimoo bocameen hojjetamaa jira.

Hojii hanga ammaatti hojjetameenis tatamsa'inni dhibee kanaa sadarkaa biyyaatti %1 gad akka ta'uu taasiseera. Dhibbantaa tokko gadi ta'uun tatamsa'ina hirmaannaa hoggansaa, hawaasaa, qooda fudhatootaafi qaamolee walta'iinsaa

hojjetan hir'isaa deemuun xiyyeeffannoo akka dhabu taasisuun ilaalcha tatamsa'inni dhibichaa hir'ateera jedhu akka bakka qabatu taasiseera.

Wayita ammaas dhiyeessi kondomii sababa dhibee koviid-19n walqabatee biyyoota kondomii omishanirraa omishi kondomii hir'ateefi qullullinaan walqabatee kondomiin biyya seene faayidaan ala ta'uun hanqina kondomii %50 qaqqabsiiseera.

Mootummaanis hanqina mudate furuuf bittaa kondomii miliyoona 55 raawwachuun himanii; fayyadamaafi tatamsa'ina kondomii giddugaleeffachuu baatii tokko keessatti akka raabsamu ibsaniiru.

Kondomii karaa mootummaa, qaamolee

walta'iinsaan hojjetanii, gabaa idileen akka dhiyaatu himanii; gara fuulduraattis hanqinicha furuuf tarsiimoon biyyaalessaa qaamolee kanneen hirmaachisu bocamee hojiirra ooleera. Kana boodas hanqinni mudate haala kanaan akka itihinfufne ta'a jedhaniiru.

Abbaan qabeenyaafi ogeessi Faarmaasii Qiddus Maarqos Obbo Maandafiroo Kabbadaa gamasaaniin, raabsi kondomii baatii lama dura addaan cituu ibsaniiru. Kan raabsus 'DKT'-Itoophiyaa ta'uu himanii, akka dhiyeessuuf gaafataniis argachuu hindandeenye jedhaniiru.

Guyyaan 'HIV/Edsii Addunyaa 36ffaaf mataduree, "Hoggantummaa hawaasaa ittisa HIV" jedhuun kaleessa kabajamuun ni yaadatama.

Mijuu

BARIISAA SANBATAA Sadaasa 22 Bara 2016



Irreechaa awwaardi
2ffaa: Waltajji
dhimmamtootaaf
beekamtiin malu
ittikename

fuula 9

**“Wayita omishni qamadii daran
dabale kanatti gabaarratti
hanqinni akkamitti akka uumame
qalbiidhaan ilaaluu feesisa”**

- *Mallasaa Mokonnin (PhD)*
Ministir De'eetaa Qonnaa

fuula 6



**Albuudonni yeroo gabaabaa
keessatti jireenya namaa
jijjiiran Oromiyaa
keessa jiru**

fuula 10



**Garaa jibbaa soogiddi
hinmi'eessu; kan bara
dhibbaa sossobni
hinsirreessu**

fuula 11



**Dhaabbata Abbagaar Ummataa Itoophiyaa wajjin
Walta'uun torban torbaniin kan dhiyaatuudha**

Oromiyaatti faalama naannawaa hir'isuuf qorannoo kaka'umsa ofiitiin adeemsifame

Kutaa Iffaa

Biyya keenya Itoophiyatti bulchiinsa gaarii dagaagsuuf mirgoonni uumamaafi dimokiraasii kabajamuusaanii hordofuun akka danda'amuuf dhaabbileen dimokraasii garagaraa hundeeffamaniiru.

Dhaabbilee kanneen keessaa tokko kan ta'e Dhaabbanni Abbagaar Ummata Itoophiyaa bu'uura Heera Riippablikii Federaalaa Demokraatawaa Itoophiyaa keewwata 55(15)n kan hundaa'edha.

Kaayyoo: Mirgoonniifi faayidaaleen namootaaf seeraan kennaman qaamolee raawwachiiftuun kabajamuusaanii mirkaneessuun bulchiinsa gaarii mootummaa olaantummaa seeraa bu'uureffate, qulqullina, si'oominaafi iftoomina qabu akka diriiru gochuudha.

Kaayyoo kana milkeessuuf labsii fooyya'e lakkoofsa 1142/2011 aangoofi gahee hojii kennameef keessaa tokko miidhaa bulchiinsaa ilaalchisuun komii namoonni dhiyeessan fudhatee qorachuun yaada furmaataa kennuun akka sirreeffamu taasisuudha. Akkasumas, yoo barbaachisaa ta'ee argame kaka'umsa ofiitiin qorannoo taasisuuf aangoo akka qabus labsii kana keewwata 7/2/ jalatti ifaan tumameera.

Bu'uuruma kanaan Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaa keessatti faalama naannawaa hir'isuuf tarkaanfiiwwan fudhatamaa jiraniifi sirna dhabamsiisa balfa/gataan walqabatee, rakkoowwan uumamaa jiran qorannoodhaan adda baasuun yaadni furmaataa armaan gadii dhiyaateera.

Qabiyyee barreeffama kanaa: Ka'umsa, kaayyoo, adeemsa duraa, adeemsa qorannoo, daangaa qorannoo, haala waliigalaa, hojiiwwa hojjetaman, seerota walittiqabaman, rakkoowwaniifi hanqinoota ba'an, xiinxala seeraa, ragaa, argannoofi yaada furmaataa of keessatti haammachuun walduraa duubaan dhihaateera.

Ka'umsa qorannichaa: Yeroo ammaa faalamni qilleensaa ajandaa guddaa addunyaa ta'uurraa kan ka'e dhimma xiyyeeffannoo qindoomina qaamolee adda adda barbaaduudha. Sababnisaa, lubbuu dhala namaa karaa hedduun miidhaa waan jiruufi.

Akka addunyaatti dhibeewwan akka miidhama sirna hargansuu (respiratory infections), onnee (heart disease), kaansarii sombaa (lung cancer), busaa, koleeraafi kkf akkasumas rakkoowwan akka ongee, lolaafi kkf fiduun waggaa du'a namoota miliyoona lamaa oliifi sababa ta'uu barreeffamootni adda

adda ni mul'isu.

Kanumarraa ka'uun addunyaan dhimmi eegumsa naannawaa dhimma iddoo jireenya dhala namaa kan taate dachee baraaruu ittifufiinsa jireenya dhala namaatiif hojiilee guguddoo hojjachaa jirti. Seeronni, imaammatoonniifi waliigalteewwan adda adda hojii kanaaf oolan sadarkaa addunyaa, ardii, biyyaafi naannootti bahanii hojiirra oolaa jiru.

Biyyi keenyas yeroo dhihoo as eegumsa naannawaatiif ilaalcha adda kennuun imaammata, labsiifi dambiiwwan eegumsa naannawaa baasun, mana hojii hundeesuun dhimmicharratti hojjetaa jirti.

Seerota eegumsa naannawaatiif gahee guddaa qaban keessaa tokko labsii to'annoo faalama naannoofi labsii sakatta'iinsa dhiibbaa naannawaati. Akka labsiwwan kanneeniitti pirojektotni mootummaadhaan karoofaman kamuu osoo gara hojiitti hingalamiin dura sakatta'iinsa dhiibbaa naannawaa gaggeessuun dirqama akka ta'e tumameera.

Kanarraa ka'uun naannoon Oromiyaas dhimma kanarratti seerota malan baasuufi caasaa diriirfachuun hojjetaa argamus, hordoffiifi to'annoo yeroo yeroon gaggeessuun tarkaanfii fudhachuurratti

hanqinni waan jiruuf rakkoolee kanneeniif ammoo sababni guddaan qaamoleen dhimma naannawaarratti hojjetaniifi qooda fudhatootni biroon hubannoon seerota dhimma eegumsa naannawaarratti qaban laafaa ta'uusaati.

Magaalonni yeroo ammaa guddina saffisaarratti argaman qulqullinnisaanii haala itti eegamuu danda'u, dhaabbileefi namoonni dhuunfaa akkasumas manneen hojii mootummaa toora kanarratti hojjetan magaalonna osoo balfaan liqimfamanii bocaafi miidhagina uumamaa akkasumas namtolcheen qaban osoo hindhabiin dammaqinaan naannawasaanii eeggachuu qabu.

Lammiileen naannawa qulqulluu faalamarraa bilisa ta'e keessa akka jiraataniifi seeronni eegumsa naannaawaa mirkaneessuuf bahan hojiirra oolmaasaaniirratti rakkooleen mul'achaa kan jiran waan ta'eef eeruu alidilee, oduuwwan miidiyaafi odeeffannoowwan karaa adda adda hawaasarraa argameen dhaabbatiichi dhimma kanarratti qorannoo kaka'umsaatiin akka gaggeessuuf sababa ka'umsaa ta'ee fudhatameera.

Itifufu

KEESSUMMAA BARIISAA

“Wayita omishni qamadii daran dabale kanatti gabaarratti hanqinni akkamitti akka uumame qalbiidhaan ilaaluu feesisa”

- Mallasaa Mokonnin (PhD) Ministir De'eetaa Qonnaa

Bayyanaa Ibraahimiin

Waggoota afran darbanitti Itoophiyaan damee qonnaarratti jijjiirama olaanaa keessa galuushii kan ragaa bahu hedduudha. Keessattuu gama omisha qamadii waggoota dheeraaf bittaaanis ta'e gargaarsaaf biyyoota alaa jala harka qabachaa turte waggoota muraasaa as ofumasheetii omishee of sooruu bira dabartee biyyoota alaatiifuu erguu eegalte.

Daballin gama omishaatiin jiru waan waakkatamu miti. Sababnisaa; qamadii kanaan dura naannawa murtaawaa qofatti omishamaa ture har'a naannolee hundatti omishamaa waan jiruuf.

Qamadii dur ganna qofa omishamaa turetu ammaan tana jallsii fayyadamuudhaan waggaatti yeroo lamaafi sadii omishamaa waan jiruuf daballii omishaarratti gaaffiin hinjiru. Gaaffiin jiru garuu, osoo daballin omishaa jiruu gaba biyya keessaatti maaliif hir'inni uumame? Gatiin daaboo maaliif ol ka'e, barana hoo omishni qamadii bonee maalirra jira? Dhimmoota jedhanirratti Ministir De'eetaa Ministeera Qonnaa Mallasaa Mokonnin (PhD) keessummaa Bariisaa maxxansa kanaa taasifanneera.

Bariisaa: Dursa nu wajjin gaafdeebii taasisuudhaaf eeyyamamoo ta'uu keessaniif galatoomaa.

Doktar Mallasaa: Homaa miti. Isinis dhimma utubaa dinagdee biyyattii, Qonnarratti waan hojjatamaa jiru ummata biraan gahuuf tattaaffii taasistaniif galatoomaa.

Bariisaa: Mee haala waliigalaa qonna biyyattiirratti hojii waajjirri keessan hojjachaa jiru nuu ibsuun osoo eegaltanii?

Doktar Mallasaa: Bareedakaa, akkuma ati kaafte haala waliigalaa hojiiwwan qonnaatiin walqabataniifi keessattuu dhimma xiyyeeffannoon kennamuufii qaburratti gabaabsee sii ibsuuf nan yaala.

Qonni biyya keenyaaf maal akka ta'e nama hundatu hubata jedheen yaada. Ministeerri Qonnaa faayidaa dameen qonnaa kun dinagdee biyyattii keessatti qabu hubachuudhaan karoora waggoota 10 baafatee gara hojiitti galeera.

Karoorri kun yaaduma qaama hoggansaatiin qofa osoo hintaane, qo'annoofii qorannoowwan biyyattiitti taasifamaa turan hammatee, waltajjiwwan omishaafi omishtummaa damee qonnaarratti taasifamaa turanirratti yaadota kennamaa turan simatee, gorsaafi yaada hayyoota damichaa dabalatee kan qophaa'eedha.

Kana qofa osoo hintaane, haala yeroo ammaa biyyi keenyaafi Addunyaan irra jirtu xiyyeeffannoo keessa galchuudhaan kan qophaa'e yemmuu ta'u, yeroo karoorri kun qophaa'us qophirraa kaasee dhaabbileen qorannoo garaa garaa, dhaabbileen barnoota olaanaafi jaarimiyaaleen deeggarsa misoomaa hundi akka irratti hirmaatan taasifamee kan qophaa'e waan ta'eef karoorichi fedhii mootummaa qofaan osoo hintaane qaamota damee kanarratti gahee qabaniin kan qophaa'e ta'uun beekkamuu

qaba. Hirmaachuu qofas osoo hintaane, ilaalchiifi yaadnisaaniis karooricha keessatti akka hammatamu taasifameera.

Itoophiyaan biyyoota addunyaarratti argaman muraasa 'Agroo ecology' (teessuma lafaa) mijataafi haala qilleensaa gaarii qabdu taatus hanga ammaatti faayidaa damicharraa argachuu maltu argachaa turte jedhee qaamni afaan guuttatee dubbatu hinjiru. Qonni lafa qotanii omishuu qofa osoo hintaane, horsiisa beeyladaanis kan hammatamu waan ta'eef haalli qilleensa Itoophiyaa horsiisa beeyladootaa akaakuuwwan hundaafis mijatuudha.

Haala mijataa teessuma lafa Itoophiyaafi qilleensa biyyattiitiin dabalataanis biyyattiin haadha ummata miiliyoona 120 ta'uunshee carraa dabalataa guddina si'ataa galmeessisuuf nama gargaaru yemmuu ta'u, baay'ina ummataa kana keessaa dhibbantaan 65 ol dargaggeessa humna omishaa ta'uunsaa carraa dachaa biyyattiin karoora kana raawwachuuf qabduufi gara biyyoota guddataniitti makamuuf qabduudha.

Humna biyyattiin gama kanaan qabduufi faayidaan biyyattiinis hanga ammaatti damee kanarraa argachaa jirtu xiqqaa ta'uusaatiin karoorri waggaa 10 kun akka qophaa'u ta'us, karoora baafachuun qofti gahaadha ilaalcha jedhu hinqabnu.

Karaa kanaan dura baramen ammas damee qonnaarratti biyyattiis ta'e qonnaan bulaa fayyaduun akka hindanda'amne hoggansi sadarkaan jiru hubatee karooricha galmaan ga'uuf hojjachuutu isaanirraa eegama.

Bariisaa: Karoora waggaa 10 kana keessatti dhimmoota ijoo gabaabinaan osoo nuu kaaftanii?

Doktar Mallasaa: Bareeda. Hojiin waliigalaa damee qonnaa keessatti hojjatamu akkuma jirutti ta'ee, dhimmootni karoora waggaa kurnan kanneen keessatti hammataman guguddoo 10tu jiru. Isaan kana keessaa inni duraa misooma qamadiiti. Akkuma jalqabarratti sii kaasuuf yaaletti biyyi keenya omisha sanyiiwwan hundaatiif mijattuu yemmuu taatu, keessattuu misooma omisha qamadiitiif daran mijatuudha.

Kunis karaa dur baramen rooba gannaa eegani ganna omishuu qofa osoo hintaane, ganna, arfaasaafi bonas jallsii fayyadamuudhaan misooma qamadii dabaluuudha.

Kana jechuun immoo waggaatti marsaa sadiin omishuudhaan fedhii biyya keessaa guutuu bira darbamee gaba alaatiiif oolchuudha.

Hanga yeroo dhihootti seenaan biyyattii tana keessatti beekamu seenaa qamadii gargaarsaan gara biyyaa galuufi kan mootummaan biyyoota gara garaarraa sharafa olaanaadhaan bitee gara biyyaatti galchuuni. Isa gargaarsaan dhufu dhiifnee kan mootummaan waggaa waggaadhaan sharafa alaa olaanaadhaan gara biyyatti galchu yemmuu ilaallu, baasiin bittaa qamadii kanaaf oolu kan waggaa tokkoo qofti doolara Ameerikaa biiliyoona tokkotti kan tilmaamamuudha.

Karoora waggaa kudhanii kana baafannee hojii waggoota afran darbanitti misooma



Qindoomina cimaa jalaa hanga gubbaatti misooma qamadiirratti ijaarame kanaan marsaa sadanuu fayyadamuudhaan omishni qamadii seenaa biyya kanaatti hinbaramne omishamuu eegalee jira

ijaarame kan agarsiisuudha.

Qindoomina cimaa jalaa hanga gubbaatti misooma qamadiirratti ijaarame kanaan marsaa sadanuu fayyadamuudhaan omishni qamadii seenaa biyya kanaatti hinbaramne omishamuu eegalee jira.

Qamadii jallsiin omishuun biyya kanaaf waan haaraa ture. Kana qofa osoo hintaane, omishni qamadii hojii Baaleefi Arsii kenname sadarkaa fakkaachuutti gahee ture biyya kana keessatti. Yeroo ammaa garuu keessattuu waggoota afran darbanitti iddoowwan kanaan dura omishni qamadii itti yaalamee hinbeekne hedduu misooma qamadiirratti bu'aa olaanaa argamsiisaa jiru.

Akka fakkeenyaatti Oromiyaa yoo fudhanne omisha qamadiifi garbuutiinis kan beekaman Baaleefi Arsii qofa turan. Yeroo ammaa garuu giddugaleessi Oromiyaa naannawwan Shawaa, Booranaa, Jimmaafi haala godinaalee naannichaa hunda jedhamuun omisha qamadii keessa galaniiru.

Akka biyyatti yemmuu ilaallus, naannolee akka Somaalee, Afaariifi kibbatti omishni qamadii hinbeekamuuyyu. Ammaantana garuu hunduu gara misooma qamadiitti galanii omisha olaanaa argamsiisaa jiru.

Kanaaf bu'aawwan gama misooma qamadiitiin waggoota afran darbanitti argaman kunniin akkanumaan yookiin

qamadiirratti hojjatameen waggaa waggaadhaan karoora ol omishuudhaan jijjiirama guddaa keessa galuun danda'ameera. Omishaafi omishtummaa dabaluu misooma qamadii kanarratti inisheetiviin mootummaa keessattuu Ministira Muummee Doktor Abiyyi olaanaa yemmuu ta'u, hoggansi sadarkaan jiru karooricha kutannoodhaan raawwachiisuun gaheesaa sirnaan bahachaa, qonnaan bulaanis kallattii taa'e sirnaan lafatti hojirra oolchaa jiraachuun qindoomina cimaa

KEESSUMMAA BARIISAA

“Wayita omishni qamadii ...

immoo karaa baramen hojjatamee kan dhufan osoo hintaane, iddoowwan dura waa'ee omisha qamadii hinbeekne barsiisuudhaan, iddoowwan tanaan dura qamadii waqtii gannaa osoo eegani omishan immoo arfaasaafi bonas jallisii fayyadamanii akka omishan gochuudhaan hojii karoora damee qonnaa keessatti misooma qamadii daran dabaluuif hojjatameeni.

Bariisaa: Yeroon ammaa kun yeroo qophiifi facaasaa qamadii bonaa waan ta'eef haala hojichi irra jiru otoo nuu ibsitani?

Doktar Mallasaa: Gaaffii bareeda. Akkuma beekamu yeroon amma keessa jirru harka tokkoon omisha ganna darbee sassaabaa harka kaaniin immoo qonna boneetiif yeroo itti qophiin taasifamuudha. Qophii qofa osoo hintaane iddoowwan hedduutti lafti omisha qamadii boneetiif ta'u qotamaa jira. Akka biyyaatti barana misooma qamadii boneetiif qofa lafa hektaara miiliyoona sadii ta'u uwwisuuf kan karoofame yemmuu ta'u kanaanis omisha qamadii kuntaala miiliyoona 117 omishuuf karoofamee hojjatamaa jira.

Iddoowwan omisha gannaa dursanii sassaabbataniifi dursanii qonna misooma qamadii boneetti galanitti yeroo ammaa facaasaan qamadiis kan eegalame yemmuu ta'u, hanga ammaatti lafti hektaara miiliyoona tokko ta'u omisha misooma qamadii boneetiin uwwisuun danda'ameera.

Iddoowwan hafanis rakkoon biraa uumamee osoo hintaane, iddoowwan hedduutti omisha ganna darbee reefuu omisha irraa sassaabaa jiru waan ta'eef karoorri qabame milkaa'uu akka danda'u wanti nama shakkisiisu tokkollee akka hinjirretti amanna.

Asirratti wanti itti sii dabaluu barbaadu tokko, mul'anni qamadii baay'inaafi qulqullinaan omishuudhaan fedhii biyya keessaa guutuudhaan gabaa alaatiif dhiheessuuf qabamee hojjatamaa ture bifa ajaa'ibaatiin raawwatamee galma barbaadus rukutuu danda'uusaati. Kun immoo yaadicha maddisiisuu irraa kaasee hoggansa bilchaataa gama kennuutiin ministira muummee Doktor Abiyyi Ahmad dagachuun hin danda'amu.

Hoggansiifi hojjataan misooma qonnaa sadarkaan jirus karoora guddaa kana milkeessuu keessatti hunduu shoorasaa sirnaan kan bahate waan ta'eef, hojichi bu'aa qindoomina qaamolee qooda qabanii hundaan milkii argameedha.

Bariisaa: Yeroo qamadiin gara alaatti ergamuu eegale kanattis bitattoota ykn fayyadamtoota bira sirnaan ga'aa akka hinjirre komii ka'u akkamitti ilaaltu?

Doktar Mallasaa: Dhugaa dubbachuuf komiin haala raabsa omisha qamadii gabaa biyya keessaarratti mul'atu komii dhugaqabeessa. Yeroo biyyattiin qamadii alaa galchuu dhiiftee omisha biyya keessaatiin bakka buusuu dandeesse kanatti, yeroo fedhiin biyya keessaa guuttamee gara alaatti erguun danda'ame kanatti haalli omishni qamadii omishamee biyya keessatti fayyadamtoota bira ittiin gahaa jiru rakkoo akka qabu waakkachuun nama hinbaasu.

Nuti akka Ministeera Qonnaatti omishuun ala tamsaasuufi gabaa keessa galtee daangaa aangoo keenyaatiin ala ta'e keessa galuu baannus, qaamni dhimma gurgurtaafi



dhiheessii midhaanii irratti aangoo qabu rakkoo kanaaf furmaata kennuudhaan omishni gahaan gama misooma qamadiitiin biyyattiitti mul'achaa jiru sirnaan fayyadamtoota bira akka geessaniif deeggarsa barbaachisu ni taasifnaaf.

Rakkoon kun gama omisha qamadiin qofa osoo hintaane, atara, ruuziifi sanyiiwwan gara garaas kan dabalatuudha.

Istaatiksi moottummaa qofaan osoo hintaane, ragaalee qaamota mitmoottummaa hinta'iniinuu omishoota kanneenirratti guddinni ykn daballiin omishaa guddaan jiraachuu raga kan bahan ta'us, gabaa biyya keessatti garuu sanyiiwwan kunniin baay'inaan hinargamani (hanqina dhiheessii) ykn gatiinsaani olka'aadha (daballii gatii sababa hinqabne) mul'ata.

Dhimma kana akka salphatti ilaaluun moottummaafis ta'ee ummata biyyattiitiif gaarii hinta'u. Omishni qamadii waggoota afran darbanitti dachaan dabale kun eessa dhaqaa jira? Gaaffiin jettus deebii hatattamaa argachuu qabdi.

Hanqina omishaattu jira akka hinjenne yeroo sanyiin kun omishamu ooyruurratti argaa jirra. Ooyruurratti dhibeen balleesse akka hinjedhamne yeroo haamamee sassaabamus ta'ee kombaayinaraan dhahamu argaa jirra. Kanaaf omishni qamadii baay'inaan omishamaa jiru kun eessa dhaqaa akka jiruufi hanqinni qamadii gabaa biyya keessatti mul'achuun maalirraa akka madde qalbiidhaan xiinxaluun barbaachisaadha.

Akka gamaggama keenyaatti sababni rakkoolen akkanaa ittiin mul'achaa jiraniif tokkoffaa, haalli walitti hidhamiinsa gabaa omishaafi fayyadamaa jidduu jiru daran dadhabaa ta'uu, yemmuu ta'u, kanaaf immoo ministeera dhimmi kun ilaallatu dabalatee qaamolee dhimma kana keessaa qooda qaban hundi qindoominaan

hojjachuun murteessaadha jennee amanna. Hanga ammaattis hojiin eegalame waan jiruuf rakkinichi kan furamuu danda'uudha.

Lammaffaa, immoo qaawwi biraa kan ilaalamuu qabutu jira jedheen amana akka dhuunfaa kooti. Innis hubannoo kooti malee kan waajjira kootii akka hintaane naa hubadhu. Omishni Itoophiyaatti omishamu durirraa kaasee hanga ammaatti kan ummata Itoophiyaa qofa sooru osoo hintaane, kan biyyoota ollaa keenyaa hunda sooruudha.

Fakkeenyaaf, Jibutiin omishaalee Itoophiyaa akaakuuwwan gara garaa malee hinjiraattu. Somaaliyaan, Somaaleelanda, Keeniyaan, Sudaan, Sudaan Kibbaafi Ertiriyaan biyyootni ollaa kun hundi guutummaatti ta'uu baatus omisha qonnaa olaanaa ta'e Itoophiyarraa fayyadamu.

Kanaaf, biyyootni Itoophiyaa marsanii jiran hundi omisha qonnaa Itoophiyaan omishu bal'inaan fudhatanii fayyadamaa turani ammas ittuma fufanii jiru. Biyyootni ollaa kun omisha qonnaa Itoophiyaa fudhatanii fayyadamuun kophaasaatti rakkoo tokkollee hinqabu.

Sababnisaa nutis yeroo omishni keenya gadi bu'utti isaanirraa fudhannee fayyadamna waan ta'eef, wanti rakkoo ta'e garuu omishni qonnaa Itoophiyaa gara biyyoota ollaa kanneeniitti adeemu karaa daldala seera qabeessaatiin osoo hintaane, karaa seera maleessaafi kontirobaandiitiin ta'uusaati.

Omishni qonnaa hangana gahu waggaa waggaa dhaan biyyoota ollaatiif dabarfamee kennamu kun osoo karaa seera qabeessaatiin ta'ee, biyyaaf sharafa alaa olaanaa argamsiisee qonnaan bulaadhaafis gatii gaariidhaan akka gurguratee jireenyasaa fooyyeffatuuf carraa kan uumu ture.

Garuu hanga ammaatti qorannoowwan

dhimma akkanaarratti gaggeeffamaniinis wanti mirkanaa'e omishni qonnaa gara biyyoota olla keenyaatti darbu irra caalaan karaa seera maleessaatiin waan ta'eef qonnaan bulaanis ta'ee biyyattiin faayidaa argachuu maltu argachuu hin dandeenye.

Dhimmi kun immoo gaaffii “osoo omishni qamadii bifa olaanaa ta'een dabalee jirru gabaa biyya keessatti hanqinni maaliif mul'ate” jedhuufis kan deebii ta'uudha. Omishni qamadii faayidaa gabaa biyya keessaatiif akka ooluuf yaadamee omishame karaa hinbeekamneefi seeraan ala ta'een gabaa biyya keessaa agabuu bulchee biyyoota ollaa karaa seeraan ala ta'een sooraa jira jechuudha.

Bifa waliigalaatiin ministerrri qonnaa yoo omishaafi omishummaa qamadii dabaluu, kanneen dhimmi daldalaa isaan ilaallatuufi hojii seera kabachiisuurratti hirmaatanis gaheesaanii sirnaan hinbahatan taanaan omisha dabaluu qofti gabaa tasgabbeessuu akka hindandeenye muuxannoo waggoota afran darbanii irraa barachuun murteessaadha.

Dabalataanis daldalootni osoo omishni jirru gatii fooyya'aa eeggachuudhaaf midhaan mankuusaatti naqanii hir'ina gabaa uumaa jiran, gatii seeraan alaa kanfalchiisaa jiranis hordofanii tarkaanfii barsiisaa ta'erratti fudhachuudhaan sirreessuun barbaachisaadha.

Bariisaa: Hanqina zayita nyaataa mul'atuuf baay'inaan omishamu dhabuu midhaan dibataa sababa ta'uu waan danda'uuf gama kanaan maaltu hojjatamaa jira laata?

Doktar Mallasaa: Akkuma duratti siif kaasuudhaaf yaaletti karoora waggaa kudhanii Ministeerrri Qonnaa baafateen dhimmoota yookiin immoo omishoota guguddoo 10 xiyyeeffannoo jalqabaa argatan keessaa inni tokko misooma omisha sanyiiwwan dibataati.

Sababni guddaan sanyiiwwan dibataa kun xiyyeeffannoo argataniif immoo galtee omisha zayitaa waan ta'aniif, hojiiwwan gama ministeera Indaastiriitiin babal'ina indaastirii omisha zayitii saffisuun akkuma jirutti ta'ee, gama keenyaan garuu omishni sanyiiwwan zayitii omishuuf oolan kanneen akka nuugii, talbaafi salixii akka saffisu gochuun dirqama keenya waan ta'eefi.

Karoorri waggaa kudhanii kun xiyyeeffannaansaa inni guddaan omishoota alaa galan kan biyya keessaatiin bakka buusuu waan ta'eef, kanaanis baasii olaanaa biyyattiin dhimmoota kanaaf baafuu oolchuudha.

Waggoota afran darbanitti hanqina zayitii nyaataa biyya keessaa furuufi isa alaa galu biyya keessatti omishuudhaan bakka buusuuf hojii gama midhaan quyyisaa zayitii omishuuf oolan omishuuf hojjatameen bu'aan argame olaanaa ta'us, akka fakkeenyaatti atara gabbataa baay'inaan omishuun danda'amullee gabaa dhabuudhaan qonnaan bulaan rakkoo keessa galcera.

Kun immoo gara fuula duraa irratti omisha kana haala gaarii ta'een ittifufuurratti rakkoo waan uumuuf, Omisha Gabaa Itoophiyaa, Ministeera Daldalaafi Walitihidhamiinsa Naannawaa qaamolee dhimmi ilaallatu waliin taanee furuu akka qabnu irratti waliigalle hojii eegalleerra.

AADAIFI AARTII

Irreechaa awwardi 2ffaa: Waltajjii dhimmamtootaaf beekamtiin malu ittikenname

Charinnat Hundeessaatiin

Dilbata darbe mooraan Golfi Kilab jedhamuufi Finfinnee, naannawa Xoorhayiloochitti argamu daran miidhageera, shaashiqeera. Dhiyee biiftuun lixxus shamarran mimmiidhagoo uffannaafi faayawwan aadaa Oromootiin kuulamaniin bareedee, ifeera.

Haalli waltajjichi ittimiidhagameefi hawwattummaansaa qilleensa qorraa bubbee makatee nama kirkirsu kan nama dagachiisu ture. Waltajjichi kan gaggeeffame akka barama galma keessatti otoo hintaane dirreerratti waan ta'eef jechuudha.

Sirna beekamtii kennuufi galateeffannaa Irreechaa Awwardi marsaa 2ffaaf qophaa'e kanarratti Ministirri Aadaafi Ispoortii Jaal Qajeelaa Mardaasaa, Ministir De'etaan Ministeerichaa Aade Nafisaa Almahaadii, Abbootiin Gadaafi Haadhooliin Siinqee, abbootiin qabeenyaa, qondaaltonni waraanaa, tola ooltonni, Artisti Bishiriyaa Boorshaafi Taaddalaa Roobaa (lamaanuu gaafa sana weelluuwwan gurra namaatti tolaaniifi sosochoosan dhiyeessaniiru) dabalatee artistoonni buleeyyiifi dargaggoonni miidhagina waltajjichaa turan.

Dhugaa dubbachuuf shamarran uffannaa aadaa Oromootiin daran mimmiidhagan oggaa keessummoota sirnicharratti hirmaachuuf dhufan simatanii gara teessoo qophaa'eeffitti bitaa mirgaan waa'elchani geessan namatti tola. Sirnichaaftis naatoo addaa ta'aniis waarisiisaniiru. Shamarran kunniin dhaabbiisaaniitti dabalee sadarkaa miidhaginni (dizaayiniin) uffannaafi faayawwan aadaa Oromoo irra gahan, icciti, duudhaafi bareedina Oromummaa achi keessa jirus sirriitti agarsiisaniiru, irraayis mul'ateera, calaqqiseera, akkuma irrannatti jenne dukkanas gara ifaatti jijjiiraniiru.

Haaluma dhaabbii, uffannaafi faayeffannaa shamarran kanneeniirraa kan ka'e qooda fudhattoonni ykn keessummoonni suuraa yaadannoo seenaaf kaa'amu wajjin ka'uuf daran ko'oommatanii turan.

Ogeessoonni waltajjicha gaggeessan, Zinnaash Olaaniifi Phaawuloos Alamaayyoo haala qilleensa qorraa irrannatti eerre nama dhagachiisuun afaanota sadii jechuunis Afaan Oromoo, Amaariffaafi Ingiliffaan ofittis walittis qoosaa hirmaattota waltajjii waarii Dilbataa kana miidhagsaniiru, hoggananiiru.

Anis odeeffannoo waa'ee waltajjichaa karaa Miis Turiizimii Oromiyaa duraaniifi ambaasaaddara Turiizimii Afrikaa Bahaa Haliimaa Abdulshikur argadherratti hundaa'uun maatii koo wajjin hanga humna koo miidhagina waltajjichaa ta'ee waarisiiseera.

Sirna baadhaasaa ykn awwardii maqaa Irreecha mallattoo tokkummaa, waliinummaa, galataa, obbolummaafi calaqqee sirna Gadaa ta'e qabatee marsaa lammaffaaf qophaa'e kana abbootii Gadaatu eebbaan bane.

Akeekni waltajjichaa abbootii Gadaa, murnootaafi namoota bu'aa ba'ii keessatti duudhaafi aadaa Oromoo akka Irreechaafi sirna Gadaafaa eeganii asiin ga'an, tajaajila hawaasummaa (tola oolani) fi nageenya biyyaatiif waan guddaa gumaachan gareewwan sadiitti qooduun sadarkaa biyyaatti beekamtii kennuufi galateeffachuudha.

Sirni Dhaabbata Qindeessaa Ispeshaal Iventii Naafiifi Yunivarsiiti Ambootti Giddugala Qo'annoofi Qorannoo Tsaggaayee Gabramadiin Qawweessaa waliin ta'uun kan qophaa'e yoo ta'u, gaggeessituun hojii Dhaabbata Naafsi Aade Nasiim Madad Abbaaduraa fuula ifaafi gammachuudhaan guutameen hirmaattotaan baga nagaan dhufan jedhan.



Ittaansuunis sirnicharratti namoota guddina afaan, seenaafi aartii ummata Oromoo guddisuufi ceessisuu keessatti gaheesani bahataniif akkasumas tola ooltootaafi qaamolee nageenya waraa mirkaneessuuf ifaajaniif beekamtiifi badhaasni kan kennamu ta'uu eeran.

“Abbaan sirna badhaasichaa ummata bal'aa Oromoofi Itoophiyaati. Guyyaan kun seenaa keessatti anaaf adda. Abjuu barootaatu naa milkaa'e. Haalota sodaachisoo danuu keessa darbuuni kan as qaqqabame. Namoonni wareegama olaanaa kanfaluun aadaafi duudhaan Oromoo akka as ga'u taasisan haala kanaan galateeffachuuf qaqqabuu kootiif Rabbi koon galateeffadha.

“Oromoon ummata aadaa, seenaafi duudhaa cimaa qabuudha. Anis akka dubartii Oromoo tokkootti aadichuma keessatti guddadhe. Namootaafi qaamolee nageenya, dinagdeefi tola ooltummaarratti hojjetan galateeffachuuf guyyaa kana hawwiidhaanin eegaa ture.”

“Dhaabbanni keenya Giddugala Qo'annoofi Qorannoo Looreet Tsaggaayee Gabramadin wajjin ta'uun sagantaa bal'aa akka biyya keenyaatti nageenyaaf bu'uura ta'u, namoota waanuma qabaniifi hinqabnerraa qoodanii tola ooludhaan asiin nu gahan galateeffachuuf kan qophaa'eedha sagantaan kun.

“Ani ummata Oromoorraa nageenya, arjoomuufi qoodu barachaan guddadhe. Duudhaan Irreecha keessa jiru biyya keenya bira darbee gaanfa Afrikaafiyuu kan ta'uudha. Aadaa keenya kanatti akka fayyadamnuufi nageenya keenya baay'ifnuuf waltajjii kana qopheessineerra” jedhan.

Ministirri Aadaafi Ispoortii Obbo Qajeelaa Mardaasaa, sagantichi tokkummaa ummataa kan ijaaruu fi kan cimsu ta'uu eeruun, fuuldurattis cimee ittifufuu qaba jedhan.

Daarektarii olaanaan Giddugala Qo'annoofi Qorannoo Looreet Tsaggaayee Gabramadiin Gargaaraa Pirofeesaraa Saamu'el Layikunis ibsa addatti Gaazexaa Bariisaatiif kennaniin, akeekni badhaasa Irreechaa namoota yeroo rakkisaa keessa taa'ani ummataafi biyyaaf waan guddaa hojjetan galateeffachaa, dhaloonnis akka irraa baratu taasisuudha jedhan.

Ergaa mataduree Irreecha kaleessaafi har'a jedhuun dhiyeessaniinis, “Irreechi bu'aa falaasama ummata Oromooti. Sirna Waaqa ittigalateeffatu. Oromoon Uumaa bacaqii gannaa keessaa gara birraa booqaatti, beelarraa gara quufaatti isa ceessise Irreeffachuun galateeffata.

“Kanaaf Irreechi ayyaana galateeffannaati. Irreechaa Awwardiin ammoo namoota kaleessa haala rakkisaa keessatti seenaa barreessan,

nageenya buusan, waanuma qabaniifi hinqabnerraa garalaafummaadhaan warra kaan afaan kaa'aniifi waa gumaachan, tola ooltummaarratti hojjetan galateeffachuuf kan hundaa'eedha.

“Irreechi har'a jiruufi jireenya Oromoo ta'eera. Saboonni kaanis akkuma nama cidhaaf qophaa'uu Irreechaafis niqophaa'u. Ayyaanni garaarummaa korniyaa, amantii malee, sadarkaa jireenyaa tokko malee tokkummaadhaan kabajamu akkuma addunyaattuu Irreecha qofa.

“Kaayyoonnaa hariiroo uumaafi uumama jidduu, namaafi uumaa jidduu jiru cimsuudha. Irreechi kan dabaalame safuu Oromootiini. Irreechi guyyaa Irreecha duraa, gaafa Irreechaafi Irreecha boodaa jedhamee adeemsa mataasaa qabuudha malee waanuma guyyaa tokkotti raawwatamee galamu qofa miti.

“Irreechi qabeenya aadaa, duudhaafi falaasama Oromoo calaqqisiisuudha. Keessumaa yeroo ammaa utubaa Oromoo qofa otoo hintaane akkuma biyyaattuu waltajjii tokkummaa saboota Itoophiyaa ta'aa jira. Dur kottaa hirmaadhaa jechaa turre. Amma garuu affeerraa malee biyya alarraa dabalatee namoonni fedhiidhaan hirmaachaa jiru. Kanaaf Irreechi ammaan tana kan saboota biyya keenyaafi ummata addunya ta'eera jechuudha.

“Afrikaa keessatti falaasama tokko kaasuun barbaada- Ubuntu. Ubuntuun falaasama Afrikaa keessatti beekamuudha. Falaasama akka dhuunfaatti otoo hintaane sadarkaa walooti ilaalamuudha. Ubuntuun adeemsa tokkee (qeenxee)tti hinamanu, tuuta (kollektivizimiidha). Irreechis akkasuma. Dhuudhaaleen lamaanuu hariiroo walisaan fakkeessan qabu jechuudha.

“Yaadamni haaraan tokkos jira. Innis kan Oromoloojii jedhamuudha. Akkuma Ijibtoloojii jechuudha. Ijibtoloojiin waa'ee seenaa, duudhaafi aadaa Misir (Ijibti) kan qo'atuudha. Akkuma kana waan yeroonsaa ga'eef yaadama Oromoloojii ykn kan of danda'ee waa'ee seenaa, aadaafi duudhaa Oromoo qo'atu jechuudha” jedhan.

Ittidabaluunis gama nageenyaatiin biyyi keenya yeroo adda addaatti rakkoolee keessa turteetti. Qaamolee nageenyaa miidiyaa dabalatee waraana meeshaa adeemsiifamaa ture dandamachuun akka biyyi kun ittifuutu kan taasisa Raayyaa Ittisa Biyyaati. Kanaaf isaaniifis beekamtiin kennameera jechuun ibsan.

Damee 3ffaan beekamtiin kenname tola ooltummaadha. Damee kanaan Tola Oolaa Maastar Abinnat Kabbadaa jedhamuuf beekamtiin kennameera. Namni kun namoota

rakkataniif waanuma qabuun dafee qaqqaba. Nama kanaaf beekamtii jalqabaatu kenname. Kanaanis kabaja qabnuuf ibsuufiif beekamtii kennineerraaf. Dhaabbata Tola Oolaa Maqedooniyaafis akkasuma beekamtiin kennameera jedhan.

Kana malees Waajjira Giiftidureerra Aade Zinnaash Taayyaachoo hojii guddaa isaan bajata mootummaatiin ala maallaqa walitti qabuudhaan, maallaqa gurgurtaa kitaaba Doktor Abiyirraa argameefi kkfn waan manneen barnootaafi warshaalee daabboo Naannoo Oromiyaa dabalatee guutummaa biyyaatti babal'isuuf taasisaniifi taasisaa jiraniif Irreechaa Awwardiin beekamtiin kennameeraaf.

Dhaabbilee haala rakkisaa keessatti seenaa, aadaafi dhuudhaa Oromoo guddisuufi ittifufsiisuu keessatti shoorra olaanaa bahataa turan keessaa tokko kan ta'e Waldaa Maccaafi Tuulamaafis beekamtiin kennameera. Namoota seenaa dhugaa Oromoo barreessan keessaa hayyuu Seenaa Taabor Waamitiif akkasumas Pirofeesar Amsamroom Laggasaaf (hayyuu lammii Ertiraa waa'ee sirna Gadaa barreessan) beekamtiin kennameera, galateeffamaniiru.

Gargaaraa Pirofeesaraa Saamu'eel, “Sabni kun saba bal'aa waan ta'eef bara dhufu akkuma Afrikaatti hojjenna; keessumaa seenaafi duudhaa Afrikaarratti xiyyeeffanna. Iddoon Itoophiyaan seenaa Afrikaa keessatti qabdu olaanaa waan ta'eef akkasumas qe'een Afrikaanotaa Itoophiyaa waan ta'eef kanuma ka'umsa godhannee hojjenna. Karaan utubaa seenaa, dhugaafi falaasama tokko ittiddhaabnu karaa kana waan ta'eef dhimmamtoota asitti waamnee beekamtii ni kenninaaf.

“Akkuma Itoophiyaattuu namoota sabootaafi sablamoota Itoophiyaa keessaa hojii dhugaa hojjetaniif akkuma baranaa bara dhufus cimsinee ittifufna. Deemee deemee kaayyoon awwardii kanaa namoota akka addunyaatti nagaan buusuurratti, aadaa beeksisuurratti tola ooltummaarratti hirmaataniif beekamtii kennuudha. Keessumaa dameelee sadan kanneenirratti sadarkuma addunyaatti hojjechuudha karoorri keenya.

“Irreechaa Awwardi jaarmiyaa akka biyyaatti hundaa'e waan ta'eef bardheengaddaas abbootii Gaamootiif beekamtii kenneera. Qaamolee sinodoosii lamaan nagaan buusaniifis akkasuma.

“Akeekni Irreechaa awwardi kun caalaatti akka milkaa'uuf keessumaa Biiroo Aadaafi Turiizimii Oromiyaa dabalatee dhaabbilee mootummaarraa waan guddaatu eegama. Dhaabbileen mitmootummaa dhimmichi kallattiidhaan isaan ilaallatus akkasuma qoodasani gumaachuu qabu. Hojii ummataafi biyyaaf hojjetamu kamuurratti waldanqurra walutubuun otoo aadeeffamee gaariidha.

“Yeroo baay'ee akka hanqinaatti kan mul'atuufi nu rakkisu beekamtii walii kennuu dhabuu waan ta'eef haalli aadmaleen kun sirrachuu qaba. Beekamtii waliikennuufi waljajjabeessuun baratamuu qaba. Akeekni Irreechaa Awwardis kanuma waan ta'eef hunduu utubuu qaba. Beekamtii walii kennuun kun iddoo biraatti waanuma xiqqoofuu aadeffamaa waan jiruuf nu birattis cimee ittifufuu qaba.

“Dhumarrattis akeeka nuti qabannee kaane kana Yuneeskoon akka utubu amantii guddaan qaba. Sababiinsaas kan nuti deema jirruufi hojjetaa jirru sadarkaa addunyaatti dhimma kallattiin isa ilaallaturatti waan ta'eef.

“Ministeera Aadaafi Ispoortii wajjinis waliigaltee mallatteessinee hojjetaa jirra. Ministirri ministeerichaa Obbo Qajeelaa Mardaasaa ministir de'etaansaani akkasumas

Abbaa Sa'aa

Albuudonni yeroo gabaabaa keessatti jireenya namaa jijjiiran Oromiyaa keessa jiru

Waasihun Takileetiin

Dacheen Oromiyaa irraafi jalli qabeenya uumamaan kan badhaate taatus akkataa barbaadameen itti fayyadamuun tajaajilarra oolchuun dinagdeen of ijaaruurratti hojiin hojjetamee jiru quubsaa miti kanamalees galiin barbaadamu argameera jechuun hindanda'amu.

Haata'utii qabeenya uumamaa dacheen Oromiyaa of keessatti qabatee jirtu keessumattuu albuudonni gatii jabeessi xiyyeeffannoo dhabuusaaniirraa kan ka'e namoota muraasaaf madda galii ta'anii tajaajilaa turaniiru. Gatiinsaani daran qaalii ta'uun walqabatee seermaleessummaan damee albuudaarratti qaqqabaa jiru daran hammaataadha.

Haata'utii hiyyummaa dhaloota gadadoof saaxilaa jiru seenaa gochuufi biyyas dinagdeen ceessisuuf damee misooma indastirii albuudaarratti hojjechuun murteessaa ta'uu kallattii mootummaan kaa'e hordofuun hojiilee hojjetamaniin dargaggoonni hojdhabeeyyiis ta'an mootummaan fayyadamaa ta'aa jira.

Tibbana agarsiisni albuudotaa sadarkaa biyyaatti magaalaa Finfinnee galma Barkumeetti kan gaggeeffame yoo ta'u, dhaabbileefi namoonni dhuunfaa hojii misooma albuudaarratti bobbahanii jiran damichi osoo xiyyeeffannoo argate nama dhuunfaarra darbee dinagdee biyyallee ceessisu keessatti shoorra guddaa taphachuu kan danda'u ta'uu ibsu.

Obbo Gaammadaa Warquu Hundeessaafi Gaggeessaa Hojii Waldaa Alergii Albuudaa Waadaaf jedhamu yoo ta'an albuudni misooma dhamaatee ulfaataa qabuufi halkan tokko keessatti biyya jijjiiruu danda'udha; nus kanuma beeknee irratti hojjetaa jirra jedhu.

Bara 2011 kaasanii hojii misooma albuudaarratti kan bobba'an ta'uu ibsanii, albuudota kanneen akka Daloomaaytii, dhagaa cilee, Kooperrii, Filooraaaytii, Maaykaa, Quwaartiizii garagaraa, Kaaibiinii, Maagnaataaytii, Himaataaytiifi warqee baasuun hojii gurguddaa hojjetaa jiraachuu himu.

Kaampaaniisaanii kun albuudota baasuun dura meeshaalee teknolojii garagaraa qorannaa albuudaaf oolan galchuun waggaa shan keessatti maallaqa miliyoona 40 ol barbaacha albuudotaaf baasuu kaasu.

Akaakuuwwan albuudaa garagaraarratti eeyyama baafatanii haa hojjetan malee, hamma bakka argama albuudaa hamma qoratamee bira gahamutti dhamaatee guddaa kan gaafatudha.

Isa kanaaf maallaqa humna namaa, teknolojii garagaraafi yeroo dheeraa kan gaafatu yoo ta'u adeemsa qorannaa gaggeeffamuun albuudonni yeroo gabaabaa keessatti biyya jijjiiruu danda'an argamuu akka danda'u himu. Albuudonni kunneen daran gatii jabeessaa yoo ta'an biyyi keenya isa kanaan kan badhaate ta'uu eeranii, haata'u malee itti fayyadamarratti

ammallee hojiin guddaa kan ishee eeggatu ta'uu eeru.

Kaleessa dheengadda albuudoota Oromiyaa keessa jiraniin dinagdeesaa cimsataa kan ture qaama biraa turuu yaadatanii, sun hundi hafee dhalataan qe'eesatti misoomsee fayyadamummaasaa mirkaneessuu eegaluu kan nama gammachiisu ta'uu ibsu.

Dhaabbileefi namoonni dhuunfaa karaa seera qabeessaa misooma albuudotaarratti bobbahanii faayidaa mataasaaniifi kan biyyasaanii kabachiisaa jiran akkuma jiran alseeronni daldala albuudaa seeraan alaarratti bobba'animmoo misooma damichaaf yaaddoo ta'uus ni kaasu.

Seermaleessummaan misooma albuudota gatii jabeessarratti qaqqabaa jiru egeree dhalootaafi biyyaarratti miidhaa kan qaqqabsiisu waan ta'eef irratti hojjetamuu akka qabullee Obbo Gammadaan kaasu.

Bakka dargaggoonni hojdhabdummaan rakkataa jiranitti daldala seeraan alaa albuudarratti raawwatamaa jiruun galiin biyyaa miliqu, rakkoon qulqullinaafi samichi mudataa jiru olaanaadha.

Hojiin albuuda barbaaduu, albuuda baasuufi gabaabaa algeriif dhiyeessuu hojii faayinaansii, teknolojiiifi dhamaatee hedduu kan gaafatu yoo ta'u, albuudonni yeroo gabaabaa keessatti biyya jijjiiruu danda'an argamuu danda'u.

Jiraachuun albuuda tokkoo yeroo dheeraafi baasii olaanaa gaafachuu danda'u kun hundi obsa barbaada; argamuunsaa yoo mirkanaa'e garuu bu'aan dhamaateesaa quufsaa ta'uu danda'a jedhu Obbo Gammadaan.

Dhaabbannisaanii bara kana dhagaa cilee alatti erguuf haalduree jiru xumuruu yoo kan himan Obbo Gammadaan, baasii Itoophiyaan kanaan dura dhagaa cilee alarraa galchuuf baastu kan baraaru ta'uullee yaadachiisaniiru.

Akka ibsasaaniitti, kanaan dura Itoophiyaan dhagaa cilee alarraa galchuuf waggaa waggaa doolaara miliyoona kuma 300 ol baasaa kan turte yoo ta'u, amma garuu biyya keessatti misoomsuun fedhii biyya keessaa guutuura darbuun gabaabaa algeriif dhiyeessuuf qophiin xumuraameera.

Yeroo muraasa booda dhaabbilee dhagaa cilee alatti ergan keessaa dhaabbannisaanii isa tokko akka ta'uu ibsanii, albuudoota biroorrattis albuudonni biroo algeriif qophaahoo ta'an hedduu ta'uu ibsu.

Misoomni albuudaa kun carraa hojii kan uume, sharafa alaa kan argamsiisu dinagdeen nama dhuunfaa fi mootumma kan cimsu ta'us dachee keenya albuudaaalee kanaan badhaadhe haalaan itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Dhaabbannisaanii ofiif qofa kan hinhojjenedha kan jedhan Obbo Gammadaan hojdhabeeyyii hedduuf carraa hojii dhaabiifi yeroo banuun miira ofitti amanamummaa akka qabaatan muuxannoo misooma albuudaas akka



Obbo Gaammadaa Warquu

horatan taasisaa jiraachuu himu.

Kunimmoo kan jajjabeeffamuu malu ta'uufi mootummaan rakkoo hojdhabdummaa dinagdee biyyaan walqabatee dhaloota qoraa jiru qofaasaa furuu waan hindandeenyeef hirmaannaan dhaabbilee dhuunfaa akkasiifi kan abbootii qabeenyaa misooma albuudaarratti bobba'anii jiran murteessaa ta'uusaaf agarsiistuu akka ta'uu eeru.

Hubannaa dhabuu keenyarraa kan ka'e qabeenyonni uumamaa keenya albuudonni gatii jabeessi bultii jaldeessaa ta'uun nus bira teenyee beela'aa turre kan jedhumoo Dargaggoonni Dassaalany Gammadaati.

Dargaggoon kun Godina Gujii, Aanaa Ardaa Waayuurraa kan dhufe yoo ta'u albuudota hedduu biyyattiin abdurratti hubannoo dhabuun yeroo dheeraaf bakka bultii faayidaa barbaadamurra oolaa hinturre jedha.

Mootummaan jijjiiramaa gara aangootti dhufuun as lammiileen biyya alaa albuudota biyyattii saamaa turan maqfamani dhaloonni itti fayyadamuun biyyasaas akka fayyadu taasisuusaan jijjiiramni gurguddaa galmaa'eera.

"Toorri xiyyeeffannoo mootummaan misooma albuudaarratti qabuufi dargaggoota fayyaduu danda'u qabatee ka'e har'a anaafi hiriyyootakoo dinagdeen cimsaa jira. Kunoo har'a qofaasaa dhaabbata misoomaafi algeriif albuudaa Ardaa Sabbaa jedhu hundeessuun dinagdeekoo jabeessaan jira. Godina Gujii keessa albuudota gatii jabeessi akka Daloomaaytii, Warqee Giraanaaytiifi kan biroo nama dhuunfaa miti biyya kana jijjiiruu danda'an hedduudha. Haata'utii teknolojii ammayyaan fayyadamuun ofis ta'e biyya ofii dinagdeen jabeessuuf ammallee dhimma xiyyeeffannoo



Dargaggoonni Dassaalany Gammadaati.

barbaadudha" jedha.

Itti fayyadamni teknolojii albuudota kanneen ittiin barbaadan ammallee hanqina kan qabu waan ta'eef gama kanaan mootummaan hojjechuu qaba yaada jedhu kaaseera.

Akka inni jedhutti, Oromiyaa keessa albuudni jiru hedduudha; biyya kanaafis bu'aa guddaa buusuu kan danda'udha. Ta'us, alseerummaan gama kanaan qaqqabu faayidaa namoota muraasaa qofa kan milkeessu, dinagdee biyyaa kan miidhu waan ta'eef hordoffiif deggarsi waalirraa hincinne taasifamuun barbaachisaadha.

Misooma albuudaaf xiyyeeffannoo laachuun dinagdee dhaabbileefi namoota dhuunfaa ijaaruun alatti rakkoo hojdhabdummaa hudhaa biyyaa ta'e furuu keessattis bakka olaanaa kan qabudha.

Dacheen Oromiyaa kuufama albuudota akaakuuwwan garagaraan kan haaguugame yoo ta'u, qabeenya uumamaa kana teknolojii ammayyaafi qulqullina qabutti fayyadamuun seera qabeessaan misoomsuun biyya badhaate ijaaruun barbaachisaa ta'uu hima.

Walumaagalatti, dacheen Oromiyaa qabeenya albuudota gatii jabeessaan daran kan guutte yoo taatu teknolojii ammayyaafi sirnaan misoomsuun namoota dhuunfaa, dhaabbileefi biyya ofii badhadhinatti ceessisuuf hunduu tumsuu qaba.

Tumsi taasifamu kunis abbootiin qabeenyaafi diyaaspooraan deggarsa fayinaansiifi dhiyeessii teknolojiin deggaruu, mootummaan alseerummaa damicharratti qaqqabaa jiru to'achuun hayyoonni deggarsa ogummaa taasisuun dhaloota sarara hiyyummaa jala jiru harka qabnee olkaasuun Oromiyaafi Itoophiyaan badhaate ijaaruun barbaachisaadha.

Ilaamee...

Garaa jibbaa soogiddi hinmi'eessu; kan bara dhibbaa sossobni hinsirreessu

Waasihun Takileetiin

Kan walqixxummaatti hinamanne gatiitii sabaafi sablammii miti, lafti Itoophiyaayyuu ishee hinbatu, "Garaa jibbaa soogiddi hinmi'eessu; kan bara dhibbaa sossobni hinsirreessu" kan jedhe weellisaan kanumaaf fakkaata.

Itoophiyaan biyya sabaafi sablammiiileen 83 ol keessa jiraatan yoo taatu, jaarraa tokkoofi walakkaa oliif ukkaamsaa sirnoota adda addaa jalatti kufuun hiraarsaafi dhiittaaan mirgaa lammiiileerra qaqqabaa ture hammaataadha.

Sirna olaantummaa saba, amantaa, aadaafi afaan tokkoo jedhuun sabaafi sablammiiilee rakkisaa ture, gurra dippilomaasii ittiin dhagahu waan hinqabneef qaabsoo hadhaawaafi wareegama qaalii ilmaan cunqurfamoodhaan taasifamaa tureen erga humnaan hundeedhaa buqqa'een as federaalizimiin sabdaneessaa lafa qabatee ummatoonni miidhagina Itoophiyaa ta'ani mul'achuu jalqabaniiru.

Sirna moototaa darban keessa sabummaa ofii himachuu mitiitii maqaa eenyummaa namaafi lafaa ibsullee moggaafachuun akka yakkaatti ilaalamaa tureera. Haata'uutii sun hundi dhiigaafi lafee ilmaan cunqurfamootiin miicamee biiftuun bilisummaafi walqixxummaa waan baateef mirgi afaan, aadaa, eenyummaa ofii guddifachuu, mirgi amantaa fedhan hordofuu qabatamaan mirkanaa'eera.


Kanamalees mirgi qabeenya daangaa malee horachuu, mirgoonni filachuufi filatamuu, qabeenya ofiiratti abboomuu kennamuun kan kaleessa akka salphinaatti ilaalamaa ture har'a miidhagina Itoophiyaa ta'uurra darbee madda galiis ta'eera jechuun nidanda'ama.

Sabaafi sablammiiileen mirga ofiin of bulchuu heerri isaan goonfachiisetti fayyadamuun sadarkaa naannootti ijaaramanii walqixxummaan afaaniin osoo hintaane qabatamaan akka mul'atu taasifamaa jira.

Sirni mootummaa tokkoo raacitii finxaalessummaan guutame hundeedhaa erga buqqa'een as ilaalchi Itoophiyaa afaan, amantaafi aadaa tokko jedhu dhabamsiifamee mirgi naannoodhaan gurmaa'uu, afaan, aadaa, eenyummaa ofii guddifachuus dhugomeera.

Keessumaa erga ADWUI gara aangootti dhufee mirgi naannoodhaan ijaaramuu dhugoomaa dhufus harka wayyaa jalaatiin olaantummaan aangoo murnoota muraasa harka galuun federaalizimiin sabdaneessa waraqaarra malee hojiitti hiikamee argameera jechuun hindanda'amu.

Sababnisaas sirni federaalizimii maqaaf heerarra taa'us alkallattiin garuu dhiibbaa murnaatiin waan haguugameef mirga heerarratti tumame milkeessuun hanqina guddaaf kan saaxilame ture. Sirni ADWUI olaantummaa murna tokkoo



jalatti sakaallaa keessa ture sun fincila diddaa qeerroofi qarreetiin taasifameen erga buqqa'ee booda gaaffiin naannoodhaan ijaaramuu sabaafi sablammiiilee heddummaatee ba'uun mootummaa jijjiiramaa gara aangootti dhufeen furmaata argateera.

Akka fakkeenyaatti yoo fudhanne naannoleen bara ADWUI sagal qofa turan yeroo ammaati turtii waggoota afur hincalle keessatti gara 12tti guddataniiru.

Ayyaanni sabaafi sablammii duudhaaleen, sirnoonni miidhaginaafi hawwata tuurizimii madda galii ta'uu danda'an dirree walqixxummaatti gadi bahanii mul'achuufi agarsiifamuusaaniin miidhaginniifi simboon Itoophiyummaa dhugaa gadi bahee akka mul'atu ta'aa jira.

Kanarraa kan ka'e amantaa sabaafi sablammiiileen mootummaa jijjiiramaarraa qaban yeroorraa yerootti dabalaa kan jiru yoo ta'u, miidhaginni Itoophiyummaa inni sirriin reefu mul'achuu eegale jechuun nidanda'ama.

Akkuma murni olaantummaa baretti waalqixxummaan gadaantummaa itti fakkaata jedhamu kan kaleessa maxxantummaadhaan jiraachuu bare har'allee waldanda'ani jiraachuun dhibee ittita'ee oggaa gururi'u mul'ata.

Federaalizimiin sabdaneessaa akka finxaaleyyiin jedhan kan biyya bittinsu osoo hintaane; waliigalte kan uumu, walitti kan itichu tokkummaa garaagarummaarratti hundaa'e kan ijaaru ta'uu qabatamaan kan agarsiisuudha.

Akkuma garaa jibbaa soogiddi hinmi'eessu, dogoggora bara dhibbaa sossobni hinsirreessu jedhamu finxaaleyyiin ilaalcha siyaasaa jaarraa tokkoofi walakkaa keessa ture har'a calaqqisiisuu barbaadaniif sossobbii osoo hintaane olaantummaa seeraatiin sirreessaa deemuun murteessaadha.

Ilmaan sabaaf sablammii ilaalcha finxaalessummaafi siyaasa mootummaa tokkee eenyummaasaaniiratti ba'aa ta'eef obsa waan hinqabneef sabdaneessummaa hunda keessummeessutti makamuun dirqama yeroon gaafatu, ijarama Itoophiyaa haaraafis isa murteessaadha.

Itoophiyaan biyya qabsoo ilmaan saboonniifi sablammiiileetiin kunuunfamtee as geesseedha malee adeemsa anatu sii beekaatiin dhaabatte taasisanii ilaaluu seenaa wallaaluudha.

Haata'uutii mootummaan jijjiiramaa yeroo ammaa aangoorra jiru federaalizimii sabdaneessaa qabatamaan mirkaneessuuf humna guutuun hojjetaa jiraachuusaatiif gara aangootti dhufuun turtii waggoota muraasaa keessatti gaaffiileen ummataa deebisaa jiru agarsiisuudha.

Kanamalees sabaafi sablammii eenyummaasaaniitti kan boonan malee kanitti qaana'an akka hintaane agarsiisota addabahiitti taasisuun duudhaaleen, sirnoonni sadarkaa hawwata turizimii madda galii argamsiisuurra gahaniiru.

Aantummaa mootummaan jijjiiramaa ijaarsa sirna federaalizimii qabu daran olaanaa yoo ta'u, ammallee gaaffiilee sabootaafi sablammootaa ka'aa jiran dabaree dabareen karaa saayinsaawaa ta'een deebisuun ittifufeeera jechuun danda'ama.

Akka fakkeenyaatti afaan hojii federaalaa biyyittii keessatti tokkoon daanga'ee ture gara shaniitti guddisuuf kutannaa siyaasaa fudhatameen yeroo ammaatti adeemsa gaariirra jiraachuutu himamaa jira.

Mootummaan qabsoo hadhaa'aa ummata bal'aatiin gara aangootti dhufe waalqixxummaa sabootaafi sablammootaa sirna federaalizimii sabdaneessaa cimsuun Itoophiyaa haaraa hunda walqixa keessummeessitu ijaaruuf humna qabuun hojjetaa jira.

Guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummatoota Itoophiyaa 18ffaan ejjennoo sabdaneessummaan miidhagina ta'uu jedhu qabatee kan ka'e yoo ta'u, mataduree "Hedduminniifi walqixxummaan ijaarsa biyyaaf" jedhuun bakkeewwan gara garaatti sadarkaa sadarkaan kabajamuu eegaleera.

Guyyaa sabaafi sablammii jedhamee yeroo kabajamu agarsiisaaf qofa osoo hintaane gaaffii ummata bal'aa adeemsaan deebisuun hedduminni miidhagina ta'uu qabatamaan mul'isuuni.

Guyyaa sabaafi sablammii baranaa sadarkaa Oromiyaatti Sadaasa 26 godina Harargee Bahaa, Magalaa Maayaatti mataduree eerameen kan kabajamu ta'uu Caffeen Oromiyaa beeksiseera. Haaluma kanaan Sadaasa 29 ammoo sadarkaa biyyaatti Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Somaalee, Magaalaa Jijjigaatti kabajama.

Sirnicharratti sabaafi sablammiiileen kaleessa dheengadda biyya abbaasaaniiratti akka lammii lammaffaatti ilaalamaa turan agarsiistuu eenyummaasani akkuma afaansaani gara gara ta'een miidhagani bahuun qalbii addunyaa kan itti hawwataniidha.

Hammattummaan natu sii beekaa osoo hintaane akkuma kan ofii jaalatan warra biroos jaalachuu walkabajuu waldanda'uun biyya tokkittii qaban waliin ijaaruudha malee yoo ana hintaane biyyi nidiigamti yaanni jedhu yaada laga nama ceessisu akka hintaane sirnoota darbanirraa baruun barbaachisaadha.

Sirni amma ijaaramaa jiru sirna federaalizimii sabdaneessaa hunda walqixa hirmaachisu, sirna tarkaanfachiisaa egeree Itoophiyaaf riqicha ce'umsaafi jijjiiramaa ta'ee tajaajilaa jiruudha.

Sirni kun dimokraasii jajjabeessa, natu sii beekaa bakka hinqabu. Mirga filachuufi filatamuu, mirga qabeenya ofiiratti abboomuu, mirga amantaa fedhan hordofuu aadaafi afaan ofii guddifachuu kan kennu waan ta'eef ilmaan sabaafi sablammii biratti kabaja guddaa qaba.

Guyyaa sabaafi sablammii kabajamu sababeeffachuun bakkeewwan gara garaatti mariin paanaalii gaggeeffamaa jira. Saboonni aadaa, duudhaa, wallee agarsiistuu eenyummaasani miidhagani, hedduminni miidhagina waloosaanii ta'uu, harki baay'een hojii salphisa akkuma jedhamu ijaarsa biyyasaaniif humna ta'uusaanii qabatamaan guyyaa itti agarsiisaniidha. Kanaafis sadarkaa olaanaarraa kaasee hanga dakaatti qophiin gama maraan taasifamaa jira.

Walumaagalatti guyyaan sabaafi sablammii Itoophiyaanotaaf guyyaa seenaqaabeessa walqixxummaasani qabatamaan itti mul'ate guyyaa hedduminni miidhama osoo hintane miidhagina ta'uu itti agarsiisan waan ta'eef federaalizimii sabdaneessaa hundee walabummaafi walqixxummaasani itti dhugomee waan ta'eef kabaja guddaa kan qabuudha.



Obbo Aganyahu Tashaagar

Guyyaa Sabaaf Sablammootaa 18ffaaf qophiin gahaan taasifameera

Jigjigaa: Kabaja guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummatoota Itoophiyaa 18ffaaf qophiin gahaan taasifamuu Afyaa'iin Mana Maree Federeeshinii Aganyahu Tashaagar beeksisan.

Obbo Aganyahu Guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummatoota Itoophiyaa 18ffaa qindoomina Mana Maree Federeeshinii qopheessummaa Mootummaa Naannoo Somaaleetiin adeemsifamuuf qophii gahaan taasifamuu ibsaniiru.

Guyyichi mataduree "Sabdaneessummaafi walqixxummaa tokkummaa biyyalessaaf"

jedhuun magaalaa Jijjigaatti kabajama. Afyaa'ichi qophii taasifamaa jiru magaalaa Jijjigaatti argamuun daawwataniiru.

Daawwannicha boodas keessummeessitu guyyaa Saboota, Sablammootaafi Ummatoota Itoophiyaa 18ffaa naannoon Somaalee bakka bu'oota saboota, sablammootaafi ummatoota Itoophiyaa simachuuf qophii ta'uu hubachuu beeksaniiru.

Guyyaa kun yeroo kamuurra caalaa tokkummaa keenya cimsinee nagaaf itti dhaabbannu, garaagarummaa osoo hintaane tokkummaan

hundee ittigodhatu ta'uus ibsaniiru.

Akkasumas, aadaa mariifi walhubachuun seenaa keessatti saboonni, sablammoonnifi ummattoonni Itoophiyaa gaaffiilee hunduu akkaataa sirna federaalaatiin mariidhaan akka furamaniif sadarkaa barbaachisaarra jiraachuu ibsaniiru. Hojiin qophii naannoo Somaalee keessatti mul'ate qabxii bu'uura kana giddugaleessa godhatee ta'uu eeraniiru.

Pirezidaantii Ittaanaan Naannoo Somaalee Ibraahim Husmaan gamasaaniitiin guyyicha kabajuuf qophiin bal'aan taasifamuu ibsaniiru.



BARIISAA



Atileet Siraanash

Yirgaa Maaraatoonii Shaangaay injifatte

Dajancee Bulchaatiin

Finfinnee: Atileetin Itoophiyaa Siraanash Yirgaa Maaraatoonii Shaangaayi injifatte. Atileet Siraanash fiigicha kana sa'aatii 2:21:28tti galuun dorgommicha dursitee xumurteetti.

Siraanashitti aanuun atileetiin lammii Keeniyaa, Seelii Cheepiyegoo Kaptich

sa'aatii 2:21:55n sadarkaa lammaffaadhaan xumurte.

Dhiirotaan ammoo atileetiin lammii Keeniyaa Filemoon Kiiptuu Kipichumbaan sa'aatii 2:05:35n dorgommicha injifannoon yoo xumuru, kan Taanzaaniyaa Alfoonsi Siimbuu sekondii afur duubatti hafee sa'aatii 2:05:39n galuun dorgommicha sadarkaa lammaffaan xumureera.

Atileet Qananiisaa Baqqalaa Maraatoonii Vaaleenshiyaa boruurratti nihirmaata

Dajancee Bulchaatiin

Finfinnee: Atileet Qananiisaa Baqqalaa Maaraatoonii Vaaleenshiyaa akka lakkoofsa Awurooppaa boru gaggeeffamurratti akka hirmaatu beeksise.

Atileetichi miidhama yeroo dheeraa booda Maraatoonii Vaaleenshiyaarratti akka hirmaatu ergaa karaa fuula miidiyaa hawaasummasaa dabarseen beeksiseera.

Fiigichatti deebi'uuf yeroowwan shaakalaa cimaa dabarsuu kan ibse Qananiisaan, dorgommicharratti dandeettii koon madaala jechuunis ibseera.

Maraatoonii Vaaleenshiyaa isaaf haaraa ta'uus eeree, deeggartootasaafi maatii ispoortii gara dorgommii kanaatti akka deebi'uuf deeggarsa taasisaniif galateeffateera



Barreeffamni kun walta'iinsa Dhaabbata Piresii Itoophiyaafi Waldaa Dargaggoota Caffee Hojii Gamtaa Waliigalaatiin ji'atti altokko kan dhihaatudha

Yaa'ii waliigalaa Waldaa Dargaggoota Caffee Hojii Gamtaa Waliigalaa

Saamraawiit Gimaatiin

Waldaan Dargaggoota Caffee Hojii Gamtaa Waliigalaa (WDCHGWG) yaa'isaa Dilbata darbe kan adeemsifate yoo ta'u, yaa'icharrattis keessummoonni waamichi taasifameef akkasumas, gaggeessitoonni koree godinaalee argamaniiru.

Pirezidaantiin waldichaa Sanyii Idashuu yaa'icha ilaalchisuun yaada addatti Gaazexaa Bariisaatiif kenneen akka jedhetti, yaa'icharratti Manni Maree WDCHGWG kan hundeeffame yoo ta'u, qodni hojii miseensota mana marichaa hirmaattotaaf ifoomeera.

Haaluma kanaan miseensonni mana marichaa baasiifi galii waldichaa to'achuufi adda baasuu, qajeelfamootaafi danbiwwan ittiin bulmaataa qopheessuu, karoora waldichaa qorachuun mirkaneessuufi rakkoollee mudatan furuun hojiilee ijoo mana marichaa ta'a.

Kana malees waldichi akka biyyaatti jaarmiyaa haaraa ta'us raawwii gaariidhaan akka biyyaatti sadarkaa duraarra jiraachuu eeree, kunis cimee akka itti fufuuf manni marichaa kan hojjetu ta'uu kaasa. Waldichi hojiisaatiin adda duree ta'uu kan danda'es fayyadamummaa miseensotasaa waan mirkaneessuuf, wantoota barbaachisoo ta'aniin mootummaa cinaa hiriiree dirqamasaa ba'achuun, caasaa dargaggootaa ilaalcha, hojiifi xiinsammudhaan cimaa ta'e ijaaruufi hojiilee birootiin ta'uu hima.



Yaa'ii waliigalaa waldichaa keessaa

Gaaffii miseensotaa ijoo kan ta'e gaaffii mana jireenyaa furuuf xiyyeeffannaa addaan kan hojjetu WDCHGWG miseensotasaa kuma 15fi 400 ta'aniif mana ijaaruuf wayita ammaa dhaabbata biyya Ameerikaa tokko waliin waliigaltee taasissee haalduree xumuraa jiraachuu ibsa.

Manichis heektaara 10 irra kan qubatu yoo ta'u, wayita ammaa heektaara tokkoratti dhagaan bu'uura kaa'amee hojiitti seenameera jedha. Waldichi akkuma kanaan dura omishawwan garagaraa gatii madaalawaadhaan bitattootaaf dhiheessaa ture, ammas ayyaana Qillee ji'a tokko booda kabajamuufis wantoota barbaachisoo dhiheessuuf gamanumaa qophii taasisaa jiraachuu kan hime pirezidaantichi, ammallee mankuusa waldichaa keessa omishaaleen kanneen akka xaafii, barbarree, talbaafi kkfn



Wayita yaa'ichi gaggeeffametti

jiraachuu ibsa.

Omishawwan jala ga'uun ayyaanaaf dhihaachuu qaban kanneen akka sangaa, hoolaa, re'ee, lukkuu, hanqaaquu, dhadhaa, baaduu, qoccoo, bullaafi kanneen biroos giddugalawwan addaddaa qopheessuun ummata biraan ga'uuf qophii taasisaa jiraachuu dubbata.

Keessumaa qaala'ina gatii midhaaniratti mul'atu furuu keessatti shoorasaa ba'achuuf qonnaan bultoota faana waliigaltee uumuun midhaan walittiqabaa jiraachuu kaasee, Warshaa Buddeena Lammii wajjinis waliigaltee mallatteessuun xaafii kuntaala kuma 140 dhiheessuuf hojjetaa jiraachuu eera.

Waldaan hundaa'ee umrii gabaabaa keessatti hojiilee guguddoo hojjechaa jiru kun gama maraan fayyadamummaa miseensotasaa mirkaneessuuf kan hojjetu ta'uu ibsee, mul'ata,

kaayyoofi manii qabatee ka'e milkeessuuf caalaatti hojjechaa jiraachuu dubbata.

Akka fakkeenyaattis baariifi restooraantii Caffee tokko banuuf karoofatanii wayita ammaa Finfinneetti bakkawwan lamatti banuurra darbee sadarkaa Afrikaatti dorgomaa kan ta'e ijaaruurratti akka argamu eera.

Muuxannoon kun akka babal'atuufis waldaalee haaraa hundaa'aniifis buleeyyiiif muuxannoo qoodaa jiraachuus beeksiseera.

Miseensonni waldichaa ta'ee kanneen miseensa hintaane odeeffannoo WDCHGWG argachuu yoo barbaadan barreeffamoota barnootaa Gaazexaa Bariisaafi Addis Zamaniratti ji'atti al tokko ba'an akkasumas, toorawwan miidiyaa waldichaa armaan gadiirraa argachuu danda'u.

Youtube: <https://youtube.co/@chefemedia1174>

Telegram: <https://t.me/WaldaaCaffeeHojiiGamtaa>

Lakk. Bilbilaa 0118876651

Facebook: <https://facebook.com/profile.php?id=100083534364586>

TikTok: <https://tiktok.com/@chefemedia>

Baankii Gadaa
New Generation's Bank



ገዳ ባንክ
GadaaBank

Waamicha Yaa'ii Waliigalaa Idilee 2ffaa fi Ariifachiisaa 2ffaa Abbootii Aksiyoona Baankii Gadaa gaggeessuuf taasifame

Kabajamtoota Abbootii Aksiyoona Baankii Gadaa, Bu'uura Seera Daldalaa Itiyooophiyaa Labsii Lakk. 1243/2013 kewt. 393 fi barreeffama hundeeffamaa baankichaa kewt. 14(1)'tiin yaa'iin waliigalaa abbootii aksiyoona idilee 2ffaa fi ariifachiisaa 2ffaan baankii keenyaa Mudde 5, 2016 ganama sa'aatii 2:30tti galma Barkumeetti keessatti waan gaggeeffamuuf, abbootii aksiyoona keenya ykn bakka bu'oonni isaanii walgahii kana irratti akka argamtan boordii daayirektaroota kabajaan isin affeera

- | | |
|---|---|
| * Maqaa Waldaa Aksiyoona | * Baankii Gadaa W.A |
| * Gosa Waldaa Aksiyoona | * Hojii Baankii irratti kan bobba'e |
| * Kaappitaala Waldaa Aksiyoona Mallattaa'e | * 1,167,079,000.00 |
| * Lakk. Galmeessa Daldalaa Waldaa Aksiyoona | * MT/AA/3/0052823/2014 |
| * Lakk. Hayyama Daldalaa Waldaa Aksiyoona | * LBB/029/2022 |
| * Tessoo Waajjira Muummee Waldaa Aksiyoona | * Ku/Ma Qirqoos Aanaa: 03 Lakk. Manaa 745 |

Ajandaa Yaa'ii Waliigalaa Idilee 2ffaa Abbootii Aksiyoona

- 1) Ajaandaa Yaa'ichaa Raggaasisuu;
- 2) Jijjiirraa aksiyoona hanga Sadaasa 30, 2016'tti taasifame beeksisuu fi gabaasa fudhachuun raggaasisuu;
- 3) Gabaasa Waggaa 2022/23 Boordii Daayirektarootaa dhaggeeffachuu fi irratti mari'achuun raggaasisuu;
- 4) Gabaasa Waggaa 2022/23 Odiitara alaa dhaggeeffachuu fi irratti mari'achuun raggaasisuu;
- 5) Muudama Bakka bu'iinsa Miseensa boordii daayirektarootaa raggaasisuu,
- 6) Qajeelfama Eeruu fi filannoo miseensota boordii dhaggeeffachuun irratti mari'achuun raggaasisuu;
- 7) Koree filachiiftuu Miseensota Boordii Daayirektarootaa Filachuu;
- 8) Durgoo Ji'aa Miseensota Boordii Daayirektarootaa kan bara 2023/24 murteessuu;
- 9) Durgoo Ji'aa Koree filachiiftuu Miseensota Boordii Daayirektarootaa murteessuu fi
- 10) Qaboo yaa'ii Yaa'ichaa Raggaasisuu

Ajandaa Yaa'ii Waliigalaa Ariifachiisaa 2ffaa Abbootii Aksiyoona

- 1) Ajandaa Yaa'ichaa Raggaasisuu,
- 2) Kaappitaala waldaa aksiyoona guddifame ilaalchisee mirga dursaa abbootii aksiyoonaaduraan turan waliin wal qabatee mari'achuu fi murtii dabarsuu
- 3) Haalota ittiin Baankiiwwanii fi Dhaabbilee biroo waliin hojjechuu danda'amu irratti bu'uura qajeelfama Baankii Biyyaalessaatiin akka raawwatamuuf boordii daayirektarootaaf aangoo kennuuf mari'achuun murteessuu
- 4) Qaboo ya'ii Yaa'ichaa Raggaasisuu

Hubachiisa :

1. Abbootiin aksiyoona yeroo gara walgahichaa dhufan waraqaa eenyummaa Ganda haaromfame ykn hayyama konkolaachisummaa ykn paaspoortii eenyummaa agarsiisu orijinaala fi footokoppii tokko fiduudhaan walgahicha irratti hirmaachuu ni danda'u.
2. Abbootiin aksiyoona walgahii kanarratti qaamaan argamuu hin dandeenye waajjira muummee dhaabbatiichaa kutaa faayinaansii darbii 3ffaa irratti argamuun unka bakka bu'ummaa hanga Mudde 2, 2016'tti akka guutaniin fi Bakka bu'oonni ragaa bakka bu'umma qaama aangoo qabuun mirkaneeffame qaban, koppii waraqaa eenyummaa haaromfame, paaspoortii yookiin hayyama konkolaachisummaa nama isaan bakka buusee lammii Itoophiyaa yookiin lammii biyya alaa dhaloota Itoophiyaa ta'uu isaa mirkaneessu; waraqaa bakka bu'iinsaa orijinaala fi footokoppii tokko fiduudhaan walgahicha irratti hirmaachuu ni danda'u.
3. Namootni dhaabbata bakka bu'anis barreeffama hundeeffama dhaabbatiichaa ykn qaboo yaa'ii walgahii bakka bu'iinsi ittiin kenname ykn unka bakka bu'ummaa baankiichatti guutan dhiyeessuun walgahii kana irratti hirmaachuu ni danda'u.
4. Tokkoon tokkoon abbootii aksiyoonaatiif lakkoofsa bilbila harkaa (moobaayila) galmeessisan irratti lakkoofsi addaa abbootii aksiyoona kan ergamu yoo ta'u, abbootiin aksiyoona ykn bakka bu'oonni walgahii yeroo dhufanis ykn unka bakka bu'ummaa baankichatti yeroo guutan lakkoofsa addaa sana qabattanii dhiyaachuutu isin irraa eegama.

Odeeffannoo dabalataaf Waajjira Muummee Baankichaa Naannoo Gootaraa (maqaa duraanii Doolloo Biddeena) Gamoo Wangeelaawwit fuula duratti argamu Darbii 3ffaa Kutaa Faayinaansiitti qaamaan dhiyaachuun ykn +251-116-39-25-77 ykn sarara gabaabaa 641 bilbiluu ni dandeessu.

Boordii Daayirektaroota Baankii Gadaa (W.A)



+251116392577,
641



info@gadaabank.com.et



A/A K/K Woreda 03 in Front
of Wongelawit Building



31996



www.gadaabank.com.et



Beeksisa Caalbaasii

Waajjirri Maallaqaa Bulchiinsa Magaalaa Ciroo Meeshaalee armaan gadii dorgomtoota waldorgomsiisee bituu barbaada.

1. Elektrooniksii adda addaa (fkn Weev kaameraa Magaalaa keessaa, Kaaraa kaameraa HD, Sarveraa Daataa, kompiyutarootaa fi piriintaroota...)
2. Farniicharoota adda addaa,
3. Motor saayikiloota (motor cycle),
4. Meeshaalee Barreeffamaa,
5. Uffata Seeraa Hojjetootaa,
6. Ifaa Karaarraa (street Light),
7. Meeshaalee dhumoo biiroo keessaa bituu waan barbaaduuf dorgomtoonni ulaagalee armaan gadii guuttan caalbaasicha irratti hirmaachuu dandeessu:-

1. Hayyama daldalaa haarome,
2. Galmaa'aa VAT kan ta'an,
3. Waraqa dhiyeessummaa kan qabaniifi kan galmaa'an,
4. CPO Baankii Daldaalaa magaalaa Ciroo keessatti argamanii fi Cirootti kan hojjechiisan. Tokkon tokkoo meeshaalee lootii jahaniifuu Qarshii 10,000.
5. Meeshaalee mo'atan kutaa qabeenyaa galchuun moodela 19 murachuun qofa kaffaltii gaafachuu danda'u.
6. Moodela sanada irratti gaafatame dhiyeessuun dirqama.
7. dorgomtoonni tokkoon tokkoo sanadaa qarshii hin deebine 400n bitachuu danda'u,
8. Meeshaaleen hamma koreen wal-harkaa fuudhanitti wanti hunduu kan dhiyessaa ta'a.
9. Caalbaasichi gaafa guyyaa 22/03/2016 hanga 15/04/2016tti qilleensa irra turee guyyuma kana (15/04/2016) sa'aatii 4:00 irratti cufamee sa'aatii 5:00 irratti banama.

Hubachiisa: -Caabaasicha manni hojii guutummaan guutuutti ykn walakkaan haquuf mirga guutuu qaba.

Bul/Moot/Naan/Oro/God/Harargee Lixaatti Waajjira Maallaqaa Bul/Magaalaa Ciroo

Guyyaan sabootaa hojiilee...

kennaniin akka jedhanitti, guyyichi guyyaa heeri biyyattii ittiragga'e yoo ta'u, saboonni waanjoo garummaa jalaa ba'uun injifannoosaanii itti mirkaneeffataniidha.

Ayyaanichis bara 1998 irraa eegalee waggaa waggaa sagantaawwan garagaraatiin kabajamaa turuu yaadachiisani, barana hojii ummataaf hiika qabu hojjechuun akka kabajamu ibsaniiru. Akka Oromiyaattis seensa baatii Sadaasaarraa eegalee kabajamaa jiraachuu himanii, Sadaasa 25 marii paanaaliitiin, Sadaasa 26 ammoo qindeessummaa Caffee Oromiyaa, Godina Harargee Bahaafi Magaalaa Maayaatiin miidhaginaan kan kabajamu ta'uu ceeru.

“Sagantichaaf Oromiyaan kan sadarkaa naannoofi biyyaalessaatti kabajamuuf qophaa'aa jira. Hirmaattonni ayyaanichaa hundi Oromiyaa qaxxaamuranii gara Jigjigaatti waan imalaniif isaan haala gaariin simatani keessummeessuuf koreen hundaa'ee qophiin addaa taasifameera” jedhu.

Ayyaanichaan walqabatee kallatii, barana haala addaatiin kabajamuu qaba jedhu hordofuun duudhaalee waloo naannichi labse, tajaajila lammummaa, buusaa gonofaa, gaachana sirnaafi manni murtii aadaa hammam hojiitti hiikamaa akka jiru daawwachuun, karoora xiiqqi qabame keessaa ji'a Sadaasaatti haala addaan raawwachuun kabajamaa jiraachuu himu.

Akkasumas hojiilee misoomaa kanneen inisheetiividdhaan hojjetamaa jiran bal'inaan daawwatamuus eeranii, sektara fayyaa wajjin ta'uunis tajaajilli wal'aansa bilisaafi arjoonni dhiigaa taasifamaa jiraachuu Obbo Eliyaas ibsaniiru. Guyyichi Hidha Haaromsaatiif bittaa boondii raawwachuuf dhiiga arjoomuun kabajamaa jiraachuu eeraniiru.

Guyyichi mataduree “Hedduminniifi walqixxummaan tokkummaa biyyaalessaatiif” jedhuun kabajama.

Oduudhuma walqabateen, sirni federaalizimii sabdaneessaa walqixxummaafi tokkummaa biyyaalessaa dagaagsuuf shoora olaanaa akka qabu hayyoonni ibsan.

Waltaajjin marii Gumii Balal marsaa 35faan guyyaa Sabootaa sababeeffachuun qophaa'e kaleessa Waajjira Pirezidaantii Oromiyaatti adeemsifameera.

Hogganaan Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa Obbo

Hayilu Addunyaa haasaa waltajjicharratti taasisaniin, Itoophiyaa biyya saboota aadaa, afaaniifi amantaa garagaraa qabanirraa ijaaranteef sirni federaalizimii sabdaneessaa murteessaadha.

Sirnichi qajeeltoo ofiin of bulchuu, walkabajuu, walhubatanii tokkummaa biyyaalessaa ittiin dagaafatan ta'ee tajaajila jedhanii; qaamolee sirna qeenxee lellisan dura dhaabachuun qormaata waloo waliin furachuufi waliin biyya bulchuuf sirnichi shoora olaanaa taphataa jiraachuu ibsaniiru.

Mana Maree Federeeshiniitti Ittigaafatamaan Dhimoota Kominikeeshinii Obbo Tarrafaa Badhaadhaa gamasaaniin, sirni federaalizimii sabdaneessummaa aadaa, afaaniifi seenaa saboota Itoophiyaaf beekantii kennuun biyya ijaaraa jiraachuu himaniiru.

Amma akka lammii lammafaatti ofilaaluun hafee gara ilaalcha biyya waliin qabaachuutti ce'ameera. Afdaneessummaan dagaagee saboonni Itoophiyaa aadaa waliin hubachuun walitti dhufeenyisaanii akka cimuuft mootummaafi manni marichaa hojii guguddaa hojjetaa jiru jedhaniiru.

Ayyaanichi, saboota walbarsiisuun, akka muuxannoo waljijjiiran taasisuurra darbee, hawwata tuurizimiifi iddoowwan investimantiisaanii itti beeksifatan ta'uus himanii; ida'anni taateewwan ijaarsaafi tokkummaa biyyaa cimsuu keessatti shoora olaanaa qaba jedhaniiru.

Hayyuun federaalizimii yunivarsiitii Finfinnee Doktor Tasfaayee Jimaa waraqa ka'umsa marii dhiyeessaniin federaalizimiin sabdaneessaa ijaarsa biyyaa cimsuu keessatti gumaacha olaanaa akka qabu ibsaniiru.

Sirnichi cimee ittifuufi dimokraasii wajjin walsimuu himanii; federaalizimiin dimokraasiidhaan walsimuudhabuun, malaammaltummaa, sabqunnamtii cimaan dhabamuu, rakkoon daangaa bulchiisaa furamuu dhabuufi ilaalchi qaamolee sirna qeenxee lellisanii danqaa federaalizimii sabdaneessaa ta'uus eeraniiru.

Gorsaan tarsimoo ABO Obbo Ibsaa Nagawoo gamasaaniin walqixxummaan sirna federaalizimii sabdaneessaa keessatti dhugoomu tokkummaa fida. Tokkummaan ammoo dimokraasiifi waliin guddachuu dhugoomsa jedhan.

"Ashaaraan magariisaa qabsoo...

hubachiisaniiru.

Ministirri Muummee Abiyyi yaa'ii 'COP 28' cinatti hoggantoota biyyoota adda addaa waliin dhimmoota tumsa garlameerratti irratti marii milkaa'aa taasisaniiru.

Gama biraatiin addunyaa faalama qilleensaatiin dararamaa jirtu keessatti furmaata ta'anii dhiyaachuun ogummaafi hubannaa akka gaafatu Ministirri Muummeen ibsan.

Itoophiyaan waggoota shanii as durabu'ummaa Ministira Muummee Itoophiyaa Doktor Abiyyi Ahmaadiin sagantaan ashaaraa magariisaa hojiitti hiikame biyyarra darbee addunyaafuu furmaataafi fakkeenya ta'uu danda'eera. Hanga ammaatti yoo xiqqaate biqiltoonni soora lubbuu dhala namaa ta'an biliyoonni 32 ol dhaabataniiru.

"Itoophiyaan kallattii Affaariin ...

haroo bal'innisaa kilomeetira kuma torbaafi 974 ta'u hojjechuun ni danda'ama.

Bo'oo Suwiisii kan yeroo ammaa dooniwwan addunyaa hedduu keessummeessuun galii olaanaa argamsiisaa jiru hojjechuuf Galaana Meediteraaniyaanii hanga Galaana Diimaatti lafti kilomeetirri 90 qotamuu yaadachiisani, Itoophiyaan garuu ulaa galaanaa argachuuf Afdeeraa hanga Galaana Diimaatti yoo baay'ate lafa kiilomeetira 40 hanga 45 qofa qotuu akka ishee gaafatu ibsaniiru. Kana malees, Itoophiyaan lafa gadi fageenyisaa sirriirra galaana hedduu waan qabduuf fageenya dheeraa qotuu gaafata malee kallattii Jibuutiinis ulaa galaanaa qopheeffachuu akka dandeessu hubachiisaniiru.

Itoophiyaan gama kamiinu ulaa galaanaa argachuuf hojiin dippiloomaasii cimaan barbaachisaadha jedhanii, kanaan duras Itoophiyaan ulaa galaanaa akka dhabduuf Laga Abbayyaa misoomsuuf karoora tureen walqabatee Itoophiyaa dadhabsiisuuf shira hamaa hojjetame ta'uus kaasaniiru.

Haa ta'utii, rakkoon har'aa yeroo waan namaaf hinkennineef ulaa galaanaa tajaajila kenna jiru qajeelfama kennanii fudhachuun fayyadamuuf carraaqii taasisuun Itoophiyaa dhimma sirriifi murteessaa ta'uu himanii, hundaa ol hariiroo gaarii amma jiruun haala fayyadamummaa

Itoophiyaan Yaa'ii Haala Qilleensaa Idiladdunyaa 'Kop 28' Gamtaa Emireetota Arabaa, Magaalaa Dubaayitti taa'amaa jirurratti bu'aa ifaajjiishee karaa Ministira Muummee Doktor Abiyyi Ahmad qooddeetti.

Doktar Abiyyi yaa'icharratti hirmaachuu maddiitti mootii Gamtaa Emireetota Arabaa, Sheeh Mahaammad Biin Al Nahiyaan akkasumas gitasaanii Ministira Muummee Beeljiyeem Alekzaanderoo Deekiroof muuxannoo ashaaraa magariisaa qoodaniiru, marii waloos adeemsisaniiru.

Dhimmi faalama qilleensaa lubbuqabeeyyii dacheerra jiran hundaaf yaaddoo ta'uun bubbuleera. Rakkoo kanaan kan dararamaa jiran biyyoota industiriin duroomanii faalama qilleensaaf sababa ta'an qofa osoo hintaane kanneen qilleensaa faaluurraa bilisa ta'an hunda.

biyyoota lameenii mirkaneessurratti Eertiraa waliin walitti dhufeenyaan hojjechuun barbaachisaa ta'uu dubbataniiru.

Hidhaan laga Abbayyaa wayita ijaarsisaa cegalamu dhiibbaan idil addunyaa daran hammaataa turus hojii dippiloomaasii cimaan hojjetameen dhugaan Itoophiyaa hubatamee ijaarsi hidhichaa sadarkaa ammaarra ga'uu ibsanii, ulaa galaanaa argachuuf Itoophiyaan gama kamiinu mirga guutuu qabaattus akkuma hidha Laga Abbayyaa danqaalee hedduun waan jiraniif cimani hojjechuu gaafata jedhaniiru.

Itoophiyaan durirraa eegalee biyyoota ollaa waliin aadaa waliin hojjechuufi guddachuu qabaachuu himanii; amniisaa elektirikaa hidhaan Laga Abbayyaa biyyoota ollaaf gatii madaalawaan dhiyeessuuf akkuma karoofatte ulaa galaanaa mataashee yoo gonfates omishaalee barbaachisoo gatii madaalawaan biyyoota ollaaf dhiyeessuu akkasumas omishaalee biyyoota ollaa galfachuuf kan gargaaru ta'uu hubachiisaniiru.

Ulaan galaanaa guddina biyya tokkoof dhimma akkaan murteessaadha kan jedhan Ambaasaaddar Shifarraan, Kooriyaan biyya qabeenya uumamaan qoqqobamte taatus ulaa galaanaatti qixa sirriin fayyadamuun yeroo ammaa guddina dinagdee roga maraa keessa jiraachuushee yaadachiisaniiru.

Bu'aalee qonnaa alaa galan...

Industirii Qonna Qindaa'aa Bulbulaa walta'iinsa Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa, Komishinii Tuurizimii Oromiyaafi Biiroo Kominikeeshinii Oromiyaa taasifameera.

Gaggeessituun Hojii Misooma Paarkiiwwan Industirii Oromiyaa Aadde Sannaayit Mabree akka jedhanitti, hawwamaa kan ture bu'aalee qonnaa sonni ittidabalame alaa galchuun hafee paarkiiwwan industirii qabaachuun alatti erguun danda'ameera. Paarkiiwwan industirii kunneen bu'aalee qonnaatti sona dabaluun alatti erguun sharafa alaa argachuu qofa osoo hintaane, carraa hojii bal'aa uumuun hoji dhabdummaa hir'isaa jiru.

Maqii Paarkiin Qonna Qindaa'aa Bulbulaa Giddugala Ce'umsaa Baadiyyaa ja'a jechuunis Maqii, Shaashamannee, Dodolaa, Itayyaa, Baalee Roobeefi Oolancitii of jalatti hammateera jedhanii; wiirtuuleen kunneen bu'aalee qonnaa qonnaan bulootarraa fuudhuun sona dabalanii gabaaf dhiyeessuudhaan galii garii argamsiisuun ala walitti hidhamiinsa qonnaafi industirii finiinsaa jiraachuu himaniiru.

Biyyoota Ameerikaa, Noorweey, Fiilaandiifaatti nyaatni sonni ittidabalamee daandiiratti gurguramuufi giddugalli

ce'umsa baadiyyaa bakka bashanannaafi namoota hedduun daawwatamuufi galii guddaa kan argamsiisu ta'uu kan ibsan ammoo Komishinara Komishinii Tuurizimii Oromiyaa Aadde Lalisee Dhugaati.

Abbootii qabeenya paarkichatti omishasaanii sona dabaluun alatti erguu yaadan keessaa kan dursa qabatan abbaa qabeenya abaaboo alatti erguun beekaman Obbo Daawwit Wubusheeti. Obbo Daawwit dhaabbataasani "Ethio-flowerpot" jedhamu, kan kanaan dura abaaboo kaappitaala doolaara Ameerikaan kuma 50 alatti erguu jalqabe, yeroo ammaa ammoo omishaalee avokaadoofi muuzii dabalatee hanga alergiisaa doolaara kuma 700 olitti guddisuu danda'eera.

Akka isaan jedhanitti, kanaan dura haala mijataa dhabuun omishaaleen alatti ergan dafee kan alaa'an waan ta'aniiif hanga dhibbantaa 40tti mancaatiif saaxilamaa turan. Amma garuu giddugala waan hundumaan mijataa ta'e kana argachuusaaniitti daran gammadaniiru.

Hanqina sharafa alaa biyyattii furuuf omishaalee baay'inaafi qulqullinaan erguuf haala mijaa'aa kanatti fayyadamaa jiru. Carraa hojii yeroo ammoo namoota hanga 550 oliif uuman dachaan dabaluufis kaayyeffataniiru.

Irreechaa awwaardi...

keessummoonni hundi sagantichaaf iddoo kennanii hanga halkan keessaa sa'aatii 4:30tti turanii hirmaachuusaaniif guddisnee galateeffanna. Biirron Aadaafi Turizimiis otoo argamee gaarii ture" jedhan. Nutis barreeffama keenya kana eebba abbootii Gadaa gaafa sanaatiin haa goalabnu. "Hayyee Yaa Waaq, Waaqa jechaan kan hundaa lafa jechuun hundaa, gurraacha garaa garbaa lemmoo garaa taliilaa, kan kennitee hingaabbine, ajjeeftee gumaa hinbaasne guyyaa nagaan oollee halkan nagaan nu bulchi. Irraa gora nu oolchi, biyya biyya nagaan nu godhi, waraana misoomatti nuu jijjiiri. Lola jaalalatti nuu geeddari.

"Waaqni barana kana kan araaraa, sabaafi sablammiin

waljaalatu, tokkummaadhaan bulu nuuf haa godhu. Irreecha Finfinnee kan gannaa oofkallee Irreecha tulluutiin nu haa ga'u. Rifaatu qufaatu nu haa lagu. Rabbi araara gubbaadhaa nuu haa buusu.

"Waanti nagaa caalu hinjiru Waaqayyoo biyya keenyaaf nagaa kenni. Qorichi lolaafi jibbaa jaalalaa jaalala biyya keenyatti nuu hori. Waaqayyoo si waammanna nu awwaadhu, ilmaa dhaga'i, intalaa dhaga'i, mootummaa dhaga'i, xiqqaa guddaa dhaga'i, biyya keenya nageessi, biyya keenya eebbisi, nagaa nuu kenni.

Qe'een Oromoo nagaa haa ta'u, Oromoo jidduutti nagaan haa bu'u. Oromoo jidduutti araari haa bu'u. Gadaan qufaa gabbina!